



# Seenaa Jireenya

## Nabiyyichaa (S.A.W)

## Gabaabaafi fi Simboowwan

## Amaloota Isaanii Hangaftootaa



هيثم بن محمد سرحان

Qopheessaan:

Shaykh Haysam ibn Muhammad Sarhaan

Al-Masjid An-Nabawwii keessatti

Barsiisaa Duriitiifi Dura Taa'aa website:

[www.alsarhaan.com](http://www.alsarhaan.com)

غفر الله له ولوالديه ولمن أعانه على إخراج هذا الكتاب

Rabbiin Isaaniif, Abbaafi Haadha Isaaniitiifi Warra Kitaaba Kana  
Baasuu Irratti Isaan Gargaare Hundaaf Dhiifama Haa Godhu!

*Hiikaan:*

Abuu Yahyaa (Alii Amaanoo)





اطبعة الـأـلوـى

جـمـعـ اـلـذـوقـ مـحـفـوـظـ

إـنـ أـرـادـ طـبـعـهـ أـوـ رـجـمـهـ لـبـزـعـهـ مـجـاـلـ دـمـرـاجـعـةـ اـلـؤـفـ

ارـجـاءـ اـلـؤـاصـلـ عـاـيـ

**islamtorrent@gmail.com**

نسـخـ وـزـارـةـ إـلـعـالـمـ



## بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

Galanni hundi Rabbiif haa ta'u. Isa galateeffannna. Isaanis gargaarsifanna. Araarama Isaatis ni kadhanna. Hammeenya lubbuuwan teenyaatiifi buhaatii hojiiwwan fokkatoo keenya irraayis Isatti maganfanna. Nama Rabbiin qajeelche eenyus jallisuu hin danda'u. Nama Inni jallina irratti dhisees isaaq qajeelchaan hin jiraatu. Rabbiin alatti gabbaramaan haqaan gabbaramuu qabuu kan biraa akka hin jirre ragaan baha. Innis tokkichaafi gartuu maleessa. Muhammadis gabrichaafi ergamaa Rabbii ta'uu isaanii ragaan baha.

*“Yaa warra amantan! Dhugaa sodaa isaa Rabbiin sodaadhaa; Muslimoota taatan malees hin du’inaa.” (Aalu Imraan 3:102)*

*“Yaa namootaa! Gooftaa keessan Isa lubbuu takka (Aadam) irraa isin uumee, ishee irraas cimdiis ishee (Hawwaa) uumee, isaan lamaan irraas dhiirotaafsi dubartoota baay’ee tamsaase san sodaadhaa. Rabbi ittiin wal kadhattaniifi firummaas (muruu) sodaadhaa. Dhugummatti, Rabbiin isin to’atoo dha.” (An-Nisaa’i 4:1)*

*“Yaa warra amantan! Rabbiin sodaadhaa; jecha sirriis dubbadhaa. Dalagaalee keessanis isiniif tolcha; badiiwwan keessanis isiniif araarama. Namni ajaja Rabbiifi Ergamaa Isaa fudhate dhugummatti milkii guddaa milkaa’ee jira.” (Al-Ahzaab 33:70-71)*

Kanatti aanseetis nama nabiyyii isaa seenaafi qajeeltoo isaanii irraa isa xiqqaa beekuun isa biratti yaada gadi aanaa ta’e hundaaf jechootin sasalphoon armaan gadii kunneen isaannan isaa beekuu irraa duroomuu hin dandeenye yoo ta’an isaaq dhihaatanii jiru. Seenaafi qajeeltoo Nabiyyichaa (S.A.W) beekuu ilaachisee hayyuun guddichi Imaam Ibnu Qayyim (Rabbitiin rahmata isaaniiif haa goodhuu) akkana jedhanii jiru:

*“Biyyoota lamaan keessattuu gammachuun gabricha Rabbii tokkoo qajeeltoo Nabiyyichaa (S.A.W) wajjiin hanga walitti hidhametti, nama lubbuu isaatiif waan gaarii barbaadu, fayyinaafsi gammachuun isheetis kan jaallatuuf hundaaf qajeeltoo, seenaafi dhimma isaanii irraa (qixa isaaq maluun) beekuun isa irratti dirqama ta'a. Sababa (beekumsa) kanaatiinis namoota dhimma kana irraa wollaaltoota ta'an keessaa ittiin baha; sababa kanaanis dabaree hordoftoota, deggartootaafsi paartii isaanii gidduu ittiin gala. Dhimma kana irrattis namoonni isaannan beekumsi gadi aanaan kennameef, isaannan beekumsi heddu kennameefisii (namoota beekumsa kana irraa qooda homaatuu) hin qabaanne jechuudhaan gar gar qoqqodamu. Kunis kan ta'eef arjummaan harka Rabbitiin keessa jira waan ta'eef. Innis arjummaa Isaa nama barbaadeef kenna; Rabbitiin abbaa arjummaa guddaati.”*

Rabbitiin Oltah anaafi isinis jaalala Nabiyyichaa (S.A.W) akka nuuf laatu, waan ajajan ajajamuufi waan dhoorkan irraa fagaachuufi akeekachiifamuu nuuf akka laatu Isa kadhadha. Yaa Rabbi! Muhammadiifi maatiwwan isaanii irratti rahmata kee buusi;akkuma Ibraahiimiifi maatiwwan isaanii irratti buufte hundaa. Yaa Rabbi! Muhammadiifi maatiwwan isaanii irratti barakaa kee buusi;akkuma Ibraahiimiifi maatiwwan isaanii irratti buufte hundaa; Ati galatoonfamaafi ol ta'aa dha waan taateef. Galanni hunduu goftaa aalamaa kan ta’ee Rabbitiin haa ta'u.



## Kutaa 1: Qajeeltoo

Nabiyyichaa (S.A.W) tiifi

Simboo Amaloota Isaanii

Hangaftootaa





## Simboo Amaloota Isaanii

### Fiixaan Isaanii

Maqaan isaanii Muhammad Ibn Abdullaah Ibn Abdul Muxxalib Ibn Haashim Ibn Abdu Manaaf Ibn Qusayyi Ibn Kilaab Ibn Murrah Ibn Ka'ib Ibn Lu'ayyi Ibn Gaalib Ibn Fihir Ibn Maalik Ibn An-Nadr Ibn Kinaanaa Ibn Khuzaymaa Ibn Mudriikah Ibn Iliyaas Ibn Mudar Ibn Nazaar Ibn Ma'addi Ibn Adnaan yoo ta'an, Adnaan immoo ilma Ismaa'iil Az-Zabiihaati. Ismaa'iilis ilma Ibraahim Al-Khaliliiti (A.S). Nabi Muhammad (S.A.W) walumaa galatti fiixaan isaanii warra dachii keessaa akkaan filatamaa dha. Hadiisaanis akkuma gabaafametti mootichi Roomaa Hiraqil, Abuu Sufyaan : "Waa'ee fiixaa isaa si gaafadhe. Atis inni fiixaa isatiin isin gidduu filatamaa akka ta'e naaf kaafte. Akkuma kana ergamtoonni ummattoota isaanii gidduu fiixaa filatamaa irraa ergamaa turanu" jedheen.

### Rabbin Filataan

Ergamaan Rabbii (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akkana jedhanii jiru: "Dhugumatti, Rabbiin ilmaan Ismaa'iil keessaa Kinaanaa filatee jira; ilmaan Kinaanaa keessaas Qurayshiin filatee jira; Qurayshiin keessaas ilmaan Haashim filatee jira; anas ilmaan Haashim keessaa ana filatee jira." (Muslim)

### Maqaalee Isaanii

Maqaaleen Ergamaa Rabbii (S.A.W) hundinuu ibsitoota malee moggaasota wal beekumsaaf qofa tajaajilani miti. Kanaa mannaa isaan maqaalee simboowwan amaloota isaanii mirkanaa'oo faaruufi guutummaan maluuf irraa argamanii dha.

#### Muhammad

Kun maqaalee isaanii gidduu isa akkaan beekamaa dha. Maqaan kun isa Tawuraata (Seera) keessattis ifaan ifatti ittiin waamamanii dha. Hiikkaan isaatis galatoonfamaa, isa amaloota isaa gagaarii hedduuf faarfame jechuu dha.

#### Ahmad

Kunis isa uumamtoota keessaa Rabbiin akkaan galatoonfatu yookiin galatoonfataa jechuu dha. Baay'ina amaloota simboo isaanii irraa kan ka'e jiraattooni samiiwwaniifi dachii, jiraattooni duniyaafi aakhiraatis isaan galatoonfatu (faarfatu). Ammas maqaan kun kan Al-Masih Iisaanis (A.S) Nabiyyicha (S.A.W) keenya ittiin waamanii dha.

#### Al-Mutawakkil

Sababaan Nabi Muhammad (S.A.W) maqaa kanaan ittiin waamamaniif gama Diinii Rabbiin gadi dhaabutiin tawakkula sirrii namni kamuu isaan wajjiin hin yagutoomneen Rabbiin irratti irkachuu isaaniitiin.

## Maqaalee Isaanii

	<b>Al-Maahii (Haqaa)</b>	Al-Maahii jechuun isa san kan gama isaatiin Rabbiin Oultahe kufrii (ganumsa) itti dhabamsiise (haqe) jechuu dha. Waan kana ta'eefis Rabbiin Oultahe qixa gama Nabi Muhammadiin (S.A.W) Kufrii itti dhabamsiiseen kan biraa gama eenyuutiin iyyuu hin dhabamsiifne.
	<b>Al-Haashir (Walitti Qabaa)</b>	Al-Haashir jechuun isa horteen ilmaan namaa hundinuu miila isaa jalatti walitti qabamuuf sani jechuu dha. Kunis akkuma waan ilmaan namaa hundumaa walitti sassaabuuf ergamaniiti.
	<b>Al-Aaqib (Kan Booddee)</b>	Al-Aaqib jechuun isa booda isaatiin nabiyyiin biraa itti hin dhufne jechuu dha. Waan kana ta'eefis isaan gunduunfaa nabiyyoota hundaati.
	<b>Al-Muqaffii</b>	Al-Muqaffii jechuun isa faana (nabiyyota) isa dursanii hordofee ergame jechuu dha. Rabbiin Oltahes Nabi Muhammadiin (S.A.W) ergamtoota keessaa faana warra isaan dursee irratti hordofaa godhee isaan erge.
	<b>Nabiyyut- Tawbaa</b>	Kunis jechuun isa sababa isaaniitiin Rabbiin jiraattoota dacheetiif balbala Tawbaa ittiin bane yoo ta'an, hordoftoonni isaaniitis akaakuu Tawbaa isaaniin dura eenyus argatee hin beekne argachuudhaan isaan irrattis gooftaan isaanii (gaabbii irraa qeebalee) deebi'eefii jira. Kanuufuu, Nabiin (S.A.W) matumti isaanii Tawbaa godhuu fi Istighifaara godhuu namoota baay'isan keessaa irra caalaa hundaati.
	<b>Nabiyyul Malhamaa</b>	Kanas jechuun isa diinota Rabbii irratti akka qabsaa'uuf ergame, jagna kan ta'e jechuu dha. Waan kana ta'eefis Ergamaan Rabbii (S.A.W) tiifi hordoftoonni isaanii daandii Rabbii irratti qabsaa'aniin nabiyyiifi hordoftoonni isaa qixa kanaan qabsaa'an kan biraa hin jiran. Jagnoonni hangafatoonni karaa Rabbii irratti wareegaman sunneen isaaniin dura akka ka'an gonkumaa waadaan hin galamnee ture.
	<b>Nabiyyur- Rahmaa</b>	Kunis jechuun isa Rabbiin Oultahe aalama hundaaf marartaa godhee erge san jechuu dha. Gama isaaniitiimis jiraattoota dachii hundumaaf marartaa Isaa buuse. Amanoota ilaalchisee marartaa kana irraa quodni guutuun isaan gahee jira. Gantoota ilaalchisee immoo, isaannan warroota kitaabaa irraa ta'an, isaan gaaddisa isaanii keessatti, wadaroofi waadaa isaanii jalatti jiraatanii jiru.
	<b>Al-Faatihu (Banaa)</b>	Al-Faatihu jechuun isa Rabbiin Oultahe qajeeltoo (daandii qajeelaa), erga inni jajallateen booda gama isaatiin ittiin bane san jechuu dha. Isa ija jaamtootaa, gurra duuddoataatiifi onneewwan haguuggamoo ittiin bane sani jechuu dha. Akkasumas gama isaaniitiin Rabbiin Oultahe kutaalee bulchiinsa gantootaa ittiin bane. Gama isaaniitiin balballan jannataa bane. Akkasumas karaa gara beekumsa faayida qabeessaatiifi gara hojii gaarii geessuu ittiin bane.

<b>Maqaalee Isaanii</b>	<b>Al-Amiin (Amanamaa)</b>	Nabiyyichi (S.A.W) aalama hunda irraa maqaa kanaa argachuuf nama akkaan sirriiti. Gama Wahyii geessuufi Diiinii gadi dhaabuutiin Rabbii biratti amanamaa dha. Jiraattoota samiiwanii birattis amanamaa dha. Jiraattoota dachii birattis amanamaa dha. Inumaa ergamaa ta'anii osoo hin ka'inii duratti gantoonni Qurayshii 'Al-Amiin' jechuudhaan isaan moggaasuun kan yaadatamuun dha.
	<b>Al-Bashir (Gammac hiisa)</b>	Al-Bashir jechuun isa namoota isaaniif ajajaman mindaa guddaa argachuun gammachiisianniif namoota isaan irratti fincilan immoo adabbiin akeekkachiisanii dha.
	<b>Sayy- idu Waldi Aad- am</b>	Nabiyyichi (S.A.W) akkana jedhanii jiru: "Ani gaafa Du'a Kaafamaatti adda duree ilmaan Aadami hundaati; kunis of dhaaduu miti. ...."
	<b>As- Siraa) Al- Muniir</b>	Isa osoo nama hin gubne ifnana akkaan ifaa ta'e namaaf laatu jechuu dha. Kunis faallaa Wahhaaj ta'uun isaati; sababni isaatis Wahhaaja keessatti akaakuu ifnanaa isa nama gubutu keessa jira waan ta'eef.
		Nabiyyichi (S.A.W) Abdullaah dha. Hiikkaan isaatis gabricha Allaaha jechuu dha. Ibaadaan yookiin gabbartiin hundinuu kan malu Rabbiif qofa. Nabiyyichis (S.A.W) sababni Abdullaah ittiin iedhamaniif waan sadarkaalee Ibaadaa hundumaa guutaniif.
<b>Simboowwan Wali Galaa</b>		Simboon Nabiyyichaa (S.A.W) inni akkaan guuttamaa ta'e yoo jiraate daandii isaan mataa ofii ittiin ibsanii dha. Akkanas jedhanii jiru: "Ani gabrichaafi ergamaa Rabbii kan ta'e Muhammadii dha. (Kanaafuu) sadarkaa Rabbii irra na kaaye irraa isin akka ol na kaftaniif hin barbaadu."
	<b>Jaal- loo Rabbi</b>	Nabiyyichi (S.A.W) gama uumamaatiifi naamusatiil ilmaan namaa hundaa caalaa filatamoo dha. Rabbiin akkana jedha: "Dhugumatti, ati amala guddaa irra jirta." (68:4) Aa'ishaan (R.A) akkana jettee jirti: "(Amalli isaanii Qur'aana ture." Kanaafuu Qur'aanaan hojjetaa, seerran isaa birattis dhaabbataa, waan inni jaalatus jaalataatiifi waan isa mufachiisutis mufataa turan.
<b>Simbo Akkaataa Uumama Isaanii</b>	<b>Qaama Isaanii Kabajamaa</b>	Anas (R.A) akkana jedhaniiru: "Ergamaan Rabbii (S.A.W) kan halluu (fuulaa) akkaan ifaa ta'e qabanii dha; (jechuumis) bifa (adiifi geengoo) qabu. (Cobonni) dafqa isaaniiakkuma Lu'ilu'aa (kan calanqisu) dha. Ennaa miilaan adeeman gara fulduraatti gadi gonboobaniiti. Ani ganaa Ergamaa Rabbii (S.A.W) caalaa lallaafaa kan ta'e Dibaaja (uffata harrii caalaa qaallii ta'e) ta'ee harrii tuqee hin beeku. Akkasumas ani foolii Ergamaa Rabbii (S.A.W) caalaa urgaa filatamaa kan qabu Miskis ta'ee Anbara fuufadhee hin beeku."

## Simboowwan Uumama Isaanii

		<p>Al-Baraa'i Ibn Aazib (R.A) akkana jedhanii jiru: "Nabiin (S.A.W) hojja giddu galeessa qabu (jechuunis dheeraas gabaabaas miti). Iddoon ceekuuwwan isaanii lamaan gidduu jiruu baldhaa dha. Rifeensa hanga gurra isaanii gahus qabu. (Guyyoota keessaa gaaf tokko) uffata guutuu diimaa uffataniisaan argeen jira. Waan isaan caalaa bareedu tokkos gonkumaa argee hin beeku."</p>
		<p>Ka'ib Ibn Maalik (R.A) akkana jedhaniiru: "Ergamaa Rabbitiif (S.A.W) nagaya ennaa dhiheessu gammachuu irraa kan ka'e fuulli isaanii ni calanqisaa ture. Ergamaan Rabbii (S.A.W) gammadaa ennaa ta'an fuulli isaaniiakkuma murna addeessaatti ifa. Kanaafuu nutis kana fuuluma isaanii irraa beekna." Akkasumas Al-Baraa'in "Fuulli Nabiyyichaa (S.A.W) sayfii ni fakkaataayi?" jedhamanii gaafatamanii turan. Isaanis ennaa deebisan "Lakkisaa! Sanii mannaa fuulli isaanii addeessa fakkaata" jechuudhaan deebisan.</p>
		<p>Anas Ibn Maalik (R.A) akkana jedhaniiru: "Nabiyyichi (S.A.W) harka gurguddaa qabu. Anis isaaniiin booda harka harka isaanii fakkaatu argee hin beeku. Riifensi mataa Nabiyyichaa (S.A.W) kan hin tasgabboofne ennaa ta'u, dabbasaa walitti mammarames miti; goofares miti."</p>
		<p>Jaabir Ibn Samurah (Radiyallaahu Anhu) akkana jedhanii jiru: "Ergamaan Rabbii (S.A.W) afaan baldhaafi ija diddiimtuu (fi babaldhoo – kan ija adii keessatti diiminni jiru) fi koronyoowwan qaqlalla qabu."</p>
		<p>Anas Ibn Maalik (R.A) akkana jedhanii jiru: "Nabiyyichi (S.A.W) gara mana keenyaa seenanii nu birattis Qaylullaa (hirriba gabaabaa guyyaa keessa rafamu) rafan. Dafqas isaan dafqisiise. Haati kootis qaruuraa qabattee dhuftee dafqa isaanii garasitti naquutti seente (yookiin dafqa isaanii achi keessatti sassaabuu eegalte). (Booda irrattis) Nabiyyichi (S.A.W) hirriba isaanii irraa ka'anii 'Yaa Ummu Sulaymi! Maal godhaa jirtaa?' jedhaniin. Isheenis 'Kun dafqa keessanu; shittoo keenya keessattis ni daballa; innis shittoowwan hundumaa keessaa isa irra caalaa ni ta'a' jette.'</p>
		<p>Nabiin (S.A.W) gidduu ceekuuwwan isaanii irratti chaappaa nabiyummaa isaan irra jira. Innis akkuma mallattoo dhalootaa qaama isaanii irratti kan argamu waan adda ta'ee dha.</p>
		<p>Jaabir Ibn Samurah (Radiyallaahu Anhu) akkana jedhanii jiru: "Ceekuu isaanii irratti chaappaa killee Pengyoona fakkaatu arge. (Halluu gogaa) qaama isaanii wajjiinis wal fakkaata."</p>

## Simboowwan Naamusa Isaanii

### Kabaja Sahaabonni Isaaniif Qaban

Amr Ibn Al-Aas (R.A) akkana jedhanii jiru: "Namni Ergamaa Rabbii (S.A.W) caalaa ana biratti jaalatamaa ta'e hin jiru; namni isaaniin olitti ija koo biratti ol ta'es hin jiru; kabaja isaaniif qabu irraa kan ka'es ija guutuun isaan ilaaluuf uggaatii qabaataa hin turre. Kanaafuu isaan akkan ibsu osoon gaafatamee, isuma kana godhuu hin danda'u; sababni isaatis ija koo guutuun isaan ilaalee hin beeku waan ta'eef." Urwaa Ibn Mas'uud Ash-Shaqafiyi (R.A) gaafa (walii galtee nagaya) Hudaybiyya isaan Qurayshootaaf ennaa ibsu akkana jedhee jira: "Rabbitti kakadha! Akka waahellan Muhammad Muhammadiin kabajamitti mootiin waahellan isaatiin (qoodattoota kabaja isaatiin) akkasitti kabajamu hin argine. Rabbitti kakadha! Isaan hancufa tokko tufan yoo ta'e, hancufni isaanii jara (waahellan Nabiyichaa /S.A.W/) keessaa ganaa isaan tokkoo irra kan bu'u yoo ta'e malee hin tufanuu ture. Innis (hancufa) saniin fuulaafi gogaa (qaama) isaa ittiin haxaayata. Yeroo waan tokko isaan ajajanis ajaja isaanii raawwachuu wal firrisuu ture. Isaanis Wuduu'a godhan (bishaan fayyadamuun dhiqannaa gartokkee raawwatan) yoo ta'e, bishaan hafe fudhachuuuf jecha inni tokko isa kaan wajjiin qabsuu qunnamuuf dhihaataa ture. Yeroo isaan dubbatan, isaan biratti sagalee isaanii gadi qabuu ture. Kabaja isaaniif qaban irraa kan ka'es gara fuula isaanii haala itti fufiinsa qabuun hin ilaalanuu ture."

Naamusaa Rabbiiin Wallin Qaban	Abdullaah Ibn Ash-Shikhkhir (R.A) akkana jedhaniiru: "Isin adda duree (sayyida) keenya' jenneen. Isaanis 'Adda dureen Rabbii barakaa qabeessa ta'eefi Isa ol guddatee dha' nuun jedhan. Nutis 'Isin irra caalaa keenyaafi gama arjummaatiiniis irra guddaa keenya' jenneen. Isaanis 'Waan jechuun isin irraa eeggamu qofa jedhaa; yookiin waan jechuu qabdan irraa gartokkee isaa jedhaa; shayxaannis (daandii keessan irraa) akka isin hin kaachifne eeggadhaa' nuun jedhan."
Gootumm-aa Isaanii	Aliyyi (R.A) akkana jedhaniiru: "Yeroo lolli akkaan o'uufi dameewwan lamaanuu waraanaaf addaafi addatti wal qunnamanitti nuti Ergamaa Rabbiiitiif (S.A.W) ni sodaannaa ture; (sababni isaatis) nu keessaa namni hanga isaanii gara namootaa (diinaa) dhihaatu tokkos hin jiru waan ta'eef."
Sodaan Rabbiiif Qaban	Nabiyyichi (S.A.W) akkana jedhaniiru: ".... Rabbitti kakadha! Ani isin keessaa isa irra caalaa Rabbiiin sodaatuufi isa isin gidduuyis irra caalaa Isa irraa of eeggataa dha. ...."
Gaarummaa Maatii Offitiif Qaban	Nabiyyiin (S.A.W) akkana jedhaniiru: "Isin keessaa namni filatamoona nama maatii (niitii) isaatiif irra caalaa gaarii ta'ee dha. Anis isin gidduu maatiwwan kootiif irra caalaa gaarii dha."
Ija Laafinsa Isaanii	Abuu Sa'iid (R.A) akkana jedhaniiru: "Nabiyyiin (S.A.W) gama ija laafinsaatiin durbeewwan duudaa gola isaanii keessa jiran caalaa cimaa dha. Yeroo waan jibban tokko organis, isuma san fuula isaanii irraa ni beeknaa ture."
Waa Laaffisuu Isaanii	Haati teenya Aa'ishaan (R.A) akkana jettee jirti: "Nabiyyichi (S.A.W) dhimmoota lama gidduutti filannoo hin taasisanuu ture; waan irra caalaa laafaa ta'e kan filatan yoo ta'e malee; wanti sun dilii hin hordofsusu hanga ta'etti. Dhimmichi (dili irraa) yoo ta'e garuu, eenyuuun caalaa lamaanuu irraa caalaatti kan fagaatanii dha."

## Simboowwan Naamusa Isaanii

Ofiif Jecha Haloo Hin Bahanne	Haati teenya Aa'ishaan (R.A) akkana jettee jirti: "Rabbitti kakadha! Hanga dhoorkaaleen Rabbii hin sarbaminitti (Nabiyyichi /S.A.W/) gara issaaniitti kan dhufe wanta kamiifuu mataa ofiitiif jedhanii haloo bahatanii hin beekanu. (Haa ta'u malee) Rabbiin jecha haloo ni batuu ture."
Nyaata Hin Fafess- inene	Haati teenya Aa'ishaan (R.A) akkana jettee jirti: "Ergamaan Rabbii (S.A.W) soorata fafeessanii (soorataaf fafa baasanii) hin beekanu. (Kanaa mannaa) yoo jaalatan ta'e ni nyaatu, yoo jibban ta'e immoo ni dhiisuu ture."
Kennaa Ni Fudhatu	Haati teenya Aa'ishaan (R.A) akkana jettee jirti: "Nabiyyichi (S.A.W) kennaa ni fudhatuu ture; duubdeebii isatiinis wanta wayii ni kennuu ture."
Sadaqaa Hin Fudhan- ne	Nabiyyichi (S.A.W) akkana jedhanii jiru: "Maaatiiwwan Muhammad sadaqaa irraa hin nyaatan."
Kasummaa Isaanii	Uqbaa Ibn Aamir (R.A) akkana jedhaniiru: "Namichi tokko gara Nabiyyichaa (S.A.W) dhufee isaan dubbise. Yeroo haasa'uus (sodaa kabaja irraa ka'een) kutaan qaama isaa kan lapheefi ceekuuwwan isaa gidduu jiru akkaan dhawataa (rukutaa) ture. Nabiyyichi (S.A.W) 'Tasgabbaa'i; sababni isaatis ani mootii miti waan ta'eef. Dhugumatti, ani ilma dubartii (temira) gogaa nyaattuu sanii qofaa dha' jedhaniin."
Maaati Ofii Tajaajiluu	Al-Aswad Ibn Yaziid (R.A) irraa akka odeeoffametti Nabiyyichi (S.A.W) mana isaanii keessatti maal akka hojjetan ilaachisee Aa'ishaan (Radiyallaahu Anhaa) gaafadhe jedha. Isheenis "Ogummaa (hojii) misensota maatii isaanii irratti argamuu ture – misensota maatii isaanii keessummeessuun ni gargaaruu ture. Yeroo Salaanni gayes gara Salaataa bahuu ture" jette.
Wallaalto- ta Irraa Goruu Isaanii	Ergamaan Rabbii (S.A.W) akkana jedhanii jiru: "Rabbiin Oultahe akkam godheetiin arrabsoofi abaarsa Qurayshootaa narraa akka itti deebise osoo (beektanii) isin ni ajaa'ibsiisuu? Isaan arrabsaa kan turan Muzammamin ture; abaaraas kan turan Muzammamin ture; haa ta'u malee, ani Muhammad (malee Muzammamii miti)."
Dhugum- maa Isaanii	Abdullaah Ibn Mas'uud (R.A) akkana jedhanii jiru: "Dhugoomtaa hundaatuu kan ta'an Ergamaan Rabbii (S.A.W) (akkanaafi akkas) jechuudhaan nutti himanii jiru."
Naamusa Tajaajiltoota Isaanii Waiiin Qaban	Anas (R.A) akkana jedhanii jiru: "Ani Ergamaa Rabbii (S.A.W) woggoota kudhaniif tajaajileen jira; isaans anaan (gaaf tokkos) 'Uffi' (jecha balfannoo) naan jedhanii hin beekan. Akkasumas waan ani hojjedhe tokkoof 'Maaliif akkana goote?' naan jedhanii hin beekan. Akkasumas waan ani hin hojjetin tokkos ilaachisee 'Akkana hin gooneeyii?' naan jedhanii hin beekan."

## Simboowwan Naamusa Isaanii

### Waahellan Isaanii Irraa Adda Ofgodhanii Hin Beekan

Anas Ibn Maalik (R.A) akkana jedhaniiru: “Bakka nuti Masjiida keessa teenyee jirutti namni gaala yaabbate tokko seenee gaalli isaatis Masjiida keessatti akka jilbiiffatu taasise. Ergasii gaala isaa hidhatee isaaniin ‘Isin keessaa Muhammad isa kamii dha?’ jedheen. Ergamaan Rabbiitis (S.A.W) waahellan isaanii duubaan irkatanii taa’ani jiru. Nutis namichaan ‘Namicha adii irkatee taa’e kana’ jenneen. Namichis isaaniin ‘Si yaa ilma Abdul Maxxalib’ jedheen. Ergamaan Rabbiitis (S.A.W) ‘Awwaadheen jira’ jedhaniin. Namichis ‘Yaa Muhammad! Ani gaaffilee si gaafachuuuf jira; akkaataa gaafannaa kootii keessattis cimaa sitti ta’uuf jira; kanaafuu akka natti hin mufanne (si gaafadha)’ isaaniin jedhe.

Ergamaan Rabbiitis (S.A.W) akkana jedhaniin: ‘Waan sitti muldhate gaafadhu.’ Namichis ‘Ani Gooftaa keetiifi namoota si dura turaniin si kadhadha; sila si gara guutummaa ilmaan namaatti kan si erge Allaaha dha?’ jedheen. Ergamaan Rabbiitis ‘Allaahatti kakadha; eeyyeen!’ jedhaniin. Innis ‘Ani maqaa Rabbiitiin si kadhadha; guyyaafi halkan tokkoo tokkoo isaa keessattuu Salaata waytii shanii akka sagadnu kan nu ajaje Allaaha dha?’ isaaniin jedhe.

Ergamaan Rabbiitis (S.A.W) ‘Rabbitti kakadha! Eeyyeen!’ jedhaniin. Innis ‘Ani maqaa Rabbiitiin si kadhadha; waggaa keessaa baatii kana akka soomnu kan nu ajaje Allaaha dha?’ isaaniin jedhe. Ergamaan Rabbiitis (S.A.W) ‘Rabbitti kakadha! Eeyyeen!’ jedhaniin. Innis ‘Maqaa Rabbiitiin si kadhadha! Zaka kana dureeyyi keenya irraa akka fudhattuufi jidduu hiyyeyyi keenyaattis akka qoqqoddu kan si ajaje Allaaha dha?’ isaaniin jedhe. Ergamaan Rabbiitis (S.A.W) ‘Rabbitti kakadha! Eeyyeen!’ jedhaniin. Namichis ‘Ani waan ati qabattee dhuftetti amanee jira; anis ummatoota koo ana duuba jiranif ergamaa dha; ani Dimaam Ibn Sa’labaa, obboleessa Banuu Sa’ad Ibn Bakriti’ jedhe.’

### Nyaata Isaanii

Haati teenya Aa’ishaan (R.A) akkana jettee jirti: “Hanga yeroo Ergamaan Rabbii (S.A.W) itti du’aniitti maatiwwan Muhammad guyyoota wal hordofoo lamaaf daabboo garbuu quufanii nyaatanii hin beekan.”

### Zuhdii Duniyyaa Irratti Qabaataa

Ergamaan Rabbii (S.A.W) akkana jedhaniiru: “(Gaara) Uhud kanaan kan wal qixxaau warqee osoon qabaadhee na hin gammachiisu; wanti isa irraa ta’e homaayyuu – isa irraa kan ta’e diinaarri tokkos osoo hin hafne – ani liqii ofirraa kafaluuf waan hanbisu malee ana bira guyyoota sadiin olitti turuun isaa na hin gammachiisu;isa kana gabroota Rabbii gidduutti akkana godhaa, akkana godhaa, akkanas godhaa (kan qoodu) yoo ta’e malee.”

### Abaarsa Hin Beekan

Haati teenya Aa’ishaan (R.A) akkana jettee jirti: “Ergamaan Rabbii (S.A.W) addagees miti. Kan jechoota qaaniis dubbatanii miti. Iddoowwan gabaa keessattis kan sagalee ol kaasanii dubbatanii miti. Hojii badaafis hojii badaatiin duubdeebii kennanii hin beekan. Kanaa mannaa dhiifama godhu; akka waan hin argineettis bira darbuu ture.”

### Harka Dubartii Nyaaphaa Hin Tuqne

Haati teenya Aa’ishaan (Radyallaahu Anhaa) akkana jettee jirti: “Harki Ergamaa Rabbii (S.A.W) ganaa dubartii nyaaphaa tuqee hin beeku.”

## Simboowwan Naamusa Isaanii

## Akkaataa Jiruu Isaanii

Umar Ibnul Khaxxaab (R.A) akkana jedhaniiru: “(Gaaf tokko) bakka Ergamaan Rabbii (S.A.W) afaa lafaa allaanduu irraa hojjetame irra (ciisanii jiranitti) gara mana isaanii seene. Nan taa’es. Shirrixiin isaaniitis qaama isaanitti maxxanee jira. Kanaan alattis wanti biraa isaan irra hin jiru. Kanaafuu afaan allaanduu cinaa isaanii irratti mallattoolee geessee jira. Ija kootiinis gara mana meeshaa Ergamaa Rabbii (S.A.W) bildhadhe. Yeroo kanattis ganaa tokko, walumaa galatti garbuu saa’i tokko ta’u arge. Haaluma wal fakkaataa ta’een baala laaftoo muraasa hundaa daree saniitti arge. Akkasumas erbee rarraafames (arge). Ijji koo lamaan imiimmaan guuttaman. Isaanis ‘Yaa ilma Al-Khaxxaab! Maaltu si boochisa?’ naan jedhan. Anis ‘Yaa nabiyii Rabbii! Maaliif hin boonne? Saleeniin kun baraa dirra keessan irratti dirmammuu geessee jira; wanti isin kuuftanis isuma kana. Mana (keessan kan meeshaa) kana keessatti waan arguun alatti wanti biraa tokkos arguu hin dandeenyne. Gamasitti Qeesariifi Kisraa kanneen kuduraaleefi laggeen gidduutti (jiraatanii dha). Haa ta’u malee, isin Ergamaa Rabbittiifi nama isaa filatamoo dha; egaa wanti isin kuufattan kanumaa?’ isaaniin jedhe. Isaanis ‘Yaa ilma Al-Khaxxaab! Sila osoo aakhiraan nuuf taateefi dunyaan immoo jaraaf taatee hin jaalattu? Wantoonni kunneen addunyaa boodaatti nuuf ta’uun isaaniitiifi addunyaa tana keessatti immoo jaraaf ta’uun isaanii si hin gammachiisuu?’ jedhaniin. Anis ‘Akkamitti kaa! (eyyeen)’ isaaniin jedhe.’



## Soba Dhugaa

## Gaaffilee:

- £ □ Gammachuun gabricha tokkoo addunyaa kanattis ta'ee kan itti aanutti qajeeltoo Nabiyichaa (s.a.w) waliin kan wal qabatee dha.
- £ £ Ergamtoonni fiixaa filatamaa irra ergamu.
- £ Simboon Nabiyichaa (s.a.w) inni irra caalaa filatamaa ta'e "Ani gabrichaafi ergamaa Rabbii kan ta'e Muhammadi" isa jedhuu dha.
- £ £ Rabbiin Ergamaa Isaa biratti naamsaalee guuttamoofi amaloota ibsamaa gaggaarii hundumaa waliti qabee jira. Isaaniifis beekumsaafi arjummaa irra laateefii jira. Kun hundinuu isaaniif malee nama biraatiif qixa kanaan hin kennamne.
- £ £ Nabiyichi (s.a.w) nama hin baratin, dubbisuus ta'ee barreessuu hin dandeenyee, nama barsiisaa ilma namaa irraa ta'es hin qabneedha.

1. Dimshaashumatti fiixaan irra caalaa filatamaan: A/ Yuunus Ibn Mattaa B/ Muhammad Ibn Abdullaah (S.A.W)
2. Maqaaleen isaanii: A/ Hunduu ibsamoota B/ Mallattoolee wal beekuuf qofa gargaaran C/ Simboowwan amaloota mirkanaa'oo galataafi guutummaa hordofsiisan
3. "Naamusni isaanii Qur'aana ture" jechuun: A/ Waan Qur'aana gammachiisuun ni gammadu B/ Waan Qur'aana dallansiisuun ni dallanu C/ Hunduu sirrii dha
4. Khaliilullaah (Jaalalloon Allaaha) eenyu? A/ Ibraahiim (A.S) B/ Muhammad (S.A.W) C/ Lachuuyyuu
5. "Halluun gogaa isaanii akkaan kan ifu" jechuun: A/ Bifa qamadiiti B/ Adii C/ Akkaan adii
6. Shittoo keessaa filatamaan: A/ Miskii B/ Foolii Nabiyichaa (S..A.W)
7. "Hojii isaanii giddu galeessa" jechuun: A/ Dheeraas gabaabaas miti B/ Hojii isaanii dheeraa dha
8. Chaappaan nabiyyummaa isaanii: A/ Giddu ceekuuwwan isaaniitti argama B/ Qaama isaanii wajjiin wal fakkaata C/ Killee Pengiyoonaa fakkaata D/ Hunduu sirrii dha

Quraysha Irraa	Ismaa'iil	Ilmaan Haashim Irraa	Kinaanaa Irraa	Rabbiin Eenyuu Irraa Eenyu Filate?
£	£	£	£	Kinaanaa
£	£	£	£	Quraysha
£	£	£	£	Ilmaan Haashim
£	£	£	£	Nabiyyii Isaa

Abaabilee Isaanii	Akaakilee Isaanii	Abaabayuu Isaanii	Akaakuu Isaanii	Abbaa Isaanii	Maqaan Isaanii	Fiixaa Isaanii:
£	£	£	£	£	£	Haashim
£	£	£	£	£	£	Abdul-Muxxlib
£	£	£	£	£	£	'Abdullaah
£	£	£	£	£	£	Muhammad
£	£	£	£	£	£	Ismaa'iil
£	£	£	£	£	£	Ibraahiim

As-Siraaj	Al-Aaqib	Ahmad	Muhammad	Walitti Firoomsaa:
£	£	£	£	Isa gooftaa isaa siritti galatoonfatu.
£	£	£	£	Isa gubaa malee ifnana calanqisaa kennuu
£	£	£	£	Isa amaloota galatoonfamoo heddu qabu.
£	£	£	£	Isa booda nabiyiin kan hin dhufne, guduunfaa nabiyootaa.

Sodaa	Uumamaafi Naamusa	Hariiroo	Foolii	Ganaa	Nabiyyichi (s.a.w):
□	£	£	£	£	Filatamoo
□	£	£	£	£	Akkaan lallaafaa
□	£	£	£	£	Akkaan urgaa'aa
□	£	£	£	£	Nama gaarrii
□	£	£	£	£	Akkaan cimaa

Ken.	Sadaqa	Ofiif Jecha	Nyaa	Rabbiif	Nabiyyichi (s.a.w)
£	£	£	£	£	Haloo hin baane
£	£	£	£	£	Haloo bahatan
£	£	£	£	£	Hin fafessine
£	£	£	£	£	Fudhatanii ergasii baay'isani kenu
£	£	£	£	£	Hin fudhatan



## Qajeeltoo Isaanii

### Qajeeltoowwan Nabiyichaa (S.A.W) Uffannaa, Nyaataafi Dhugaatii Ilaallatan

<p><b>Halluuwwan Nabiyicha (S.A.W) biratti Jaalataman</b></p>	<p>Halluuwwan keessaa halluun Nabiyicha (S.A.W) biratti caalaatti jaalatamaa ta'e halluu adii dha. Isuma kana waliin akkana jedhaniiru: “Isheen uffattoota keessan irraa irra caaltuu dha; kanaafuu du'aawwan keessan isheen kafanaa.”</p>
<p><b>Uffannaa Isaanii</b></p>	<p>Uffannaan isaanii uffannaalee uffachuuuf salphaa ta'an uffatu. Kanaafuu al tokko tokko uffattoota suufii irraa hoijetaman, al tokko tokko uffattoota xixii irraa hoijetaman, al tokko tokko immoo uffattoota laaynaniirraa hoijetaman ni uffatu ture. Akkuma kana ennaa uffata isaanii uffatan hundumaa mirga irraa eegaluu ture.</p>
<p><b>Uffannaaan Giddu Galeessa Ta'uun Isaanii</b></p>	<p>Salafoota keessaa tokko tokko akkana jedhaniiru:- “Isaan (Salafoonni) uffattoota akaakkuu lamaa – uffattoota qaalawoo naa argaa (of jajuu) tiifi uffattoota moofaa bututaa (simboo Zaahidummaa fakkaatan) – ni jibbuu ture.” Hadiisa Abdullaah Ibnu Umar (R.A) irraa odeeoffamee keessatti Nabiyichi (S.A.W) akkana jechuun isaanii gabaafameera: “Nama uffata naa argaa (of jajuu) uffate, gaafa du'aa ka'umsaa Rabbiin uffata salphinaa isatti uffisa. Ergasii keessoo isaatti ibiddi qabsiifama.” Sababni kunis ittiin ta'eef namichi gama uffata saniitiin boonaafi goobnanaan of jajuuf karoorfatee waan ka'eef. Kanaafuu Rabbiin Oaltahe yakka isaa kanaaf isa adabe.</p>
<p><b>Soorata Isaanii</b></p>	<p>Akkuma kana bu'ura Hadiisa Ibnu Umar (R.A) irraa odeeoffameen Nabiyichi (S.A.W) akkana jedhaniiru: “Namni boonsa irraa ka'uun uffata isaa harkisu, Guyyaa Du'aa Kaafamaatti Rabbiin gara isaa hin ilaalu.”</p>
<p><b>Haala Soorannaa Isaanii</b></p>	<p>Nabiyyichi (S.A.W) waan argatan soorachuu dinne jedhanii hin beekanu. Wanti hin jirres akka hoijetamu godhuun dhiibbaa uumanii hin beekanu. Wantoota gaggaarii irraa tokkos isaanii hin dhihaatu; kan sooratan yoo ta'e malee. Waan dhuunfaa isaaniitiin hin jaalanne yoo ta'e immoo, waan san haraama osoo hin taasifne ni dhiisuu ture. Aa'ishaan (R.A) akkana jettee jirti: “Ergamaan Rabbii (S.A.W) tasumaa soorataaf fafa baasanii hin beekanu. Kan jaalatan yoo ta'e ni sooratu, yoo hin taane garuu ni dhiisuu ture.” Kunis akkuma foon Arjaanoo dhoorkamaa osoo hin taasifne dhiisan san jechuu dha.</p>
<p><b>Dhugaatii Isaanii</b></p>	<ul style="list-style-type: none"> <li>➤ Sooranni isaanii irra jireessi Sufraa irra godhamee lafa irra kaayamaa ture.</li> <li>➤ Qubbeen isaanii sadih fayyadamuudhaan sooratu ture.</li> <li>➤ Irkatanii taa'uudhaan hin sooratanuu ture.</li> <li>➤ Jalqabbii soorata isaanii irratti Maqaa Rabbi ni dhayuu yookiin ‘Bismillaah’ (Maqaa Allaahaatiin) ni jedhuu ture; xumara irrattis Isa ni galateeffatu ture; yookiin ‘Al-Hamdu Lillaah’ (Galanni hundinuu Rabbiif haa ta'u) ni jedhuu ture.</li> <li>➤ Soorata isaanii erga xumuraniin booda qubbeen isaanii ni arraabuu ture.</li> </ul> <ul style="list-style-type: none"> <li>➤ Nabiyyichi (S.A.W) irra jireenyaa taa'anii dhuguu ture. Akkasumas dhaabbatanii dhuguu irraa akeekkachiisanii jiru. Haa ta'u malee, sababni gahaan taa'uuna nama dhorku</li> <li>➤ Erga dhuganiin booda dhugaatii isaanii hiriyyoota isaanii gara mirgaatiin jiraniif ni dabarsuu ture; hammuma fedhee iyuu isaannan umuriin deeman gama bitaa isaanitiin kanneen taa'an ta'us.</li> </ul>

## Qajeeltoo Isaani Kan Hirribaa

## Jireenya Isaani Kan Warrummaa

- Ergamaan Rabbii (S.A.W) akkana jedhaniiru: “Addunyaa teessan (Duniyya teessan) tana irraa dubartoonniifi shittoon ana biratti jaalatamtoota godhamanii jiru. Qubannaan ija kootiitis Salaata keessa naaf godhamee jira.”
- Bultii (Halkan) isaanii, walitti dhiheenya (gartuummaa) isaaniitiifi qallaba niitolee isaanii gidduutti haqaan ni qoqqoduu ture.
- Haati teenya Aa’ishaan (R.A) akkana jettee jirti: “Ergamaan Rabbii (S.A.W) yeroo imala bahuuf karoorfatanitti niitolee isaanii gidduutti carraa ni baasuu ture. Ergasii ishee carraan filatamte san of duukaa qabatanii adeemuu ture. Akkasumas niitolee isaanii hafaniif (yeroo imala takkattii qofa wajjiin ta’uu isaaniitiin ennaa deebi’an dubartoota hafaniif) qadaa hin baasanuu ture.”
- Seenaan jireenya niitolee isaanii wajjiin qabaataa turan kan wal wajjiin jireenya bareedaafi naamusa miidhagaa irratti hundaa’e ture.
- Ijoollee durbaa warra Ansaar irraa ta’an Aa’ishaan (R.A) waliin akka taphataniif jecha gara isheetti ergu. Isheenis yeroo ishee kan buhaatiitti wanta dhoorkii homaatuu hin qabne tokko hoijechuu yoo barbaaddu isaanis hojii ishee san irratti ishee duukaa bu’u.
- Nabiyyichi (S.A.W) sarbaa Aa’ishaan (R.A) irratti irkataniii taa’uun Qur’aana ni qara’uu ture. Isheen marsaa laguu irra bakka jirtuttis kanuma ni raawwatu ture.
- Ennaa isheen marsaa laguu irra jirtuttis uffataa gabaabaa akka uffatu ishee ajajuudhaan ergasii tokkoon isaanii kan biraa wajjiin ni gammaduu ture.
- Bakka sooma irra jiranittis ishee ni dhungatuu ture.
- Hariiroon niitolee isaanii wajjiin qaban kunis lallaafummaa marartaa isaaniitiifi bareedina naamusa isaanii irraa kan ka’ee dha. Kunis Aa’ishaaf (R.A) tapha akka taphattuuf haallen isheef ni mijeessuu ture. Bakka imala irra jiranittis yeroo lama ffigichaan wal firrisanii jiru. Yeroo tokkos jarri lachuu imalaaf mana isaaniitiin ennaa bahan qabsoo nagayaa wal qunnamanii jiru.
- Ergamaan Rabbii (S.A.W) imalaaf ennaa bahanis ta’ee imala irraa ennaa deebi’an sa’atii halkanii (bahaniis ta’ee) gara maatiwwan isaanii deebi’anii hin beekanu. Bartee akaakuu akkanaa irraayis ni dhoorkuu ture.
  
- Nabiyyichi (S.A.W) hirribaaf jecha gara siree isaanii ennaa dhihaatan “Bismika Allaahumma ahyaan wa amuut” jedhuu ture. Hiikkaan isaatis “Yaa Allaaha! Ani kan jiraadhuufi kan du’us maqaa keetiin” jechuu dha.
- Nabiyyichi (S.A.W) halkan hundaa dhawaataa gara siree isaaniitti siiqaniin ganaawwan isaanii lamaan walitti fiduudhaan, ergasii keessoo isaaniitti tuf... tuf .. jechuudhaan keessoo isaaniittis Suuratal Ikhlaasin, Suuratal Falaqiqi Suuratum Naasiin ni qara’uu ture. Ergasii ganaawwan isaanii lamaaniin mataa, fuulaafi kutaalee qaama isaanii fuulduraa irraa kaasuuudhaan kutaaa qaama isaanii irraa kan danda’an hundumaa ittiin hahhaxayyu ture. Gochuma kana yeroo sadih irra deddebi’uu ture.
- Ergamaan Rabbii (S.A.W) hirribaaf siree isaanii irra ciisuu ennaa barbaadanitti harka isaanii kan mirgaa boqoo isaanii jala godhuudhaan ergasii yeroo sadih “Allaahumma qinii azaabaka yawma tab’asu ibaadak” jedhu. Hiikkaan isaas “Yaa Allaah! Guyyaa gabroottan tee du’u irraa kaaftutti adabbii kee jalaa na eegi” jechuu dha.
- Hadiisaan akkuma gabaafametti Nabiyyichi (S.A.W) yeroo hirribaa isaanii irraa ka’anitti “Al-Hamdu lillaahil lazii ahyaanaa ba’ida maa amaataanaa wa’ilayhin-nushuur” jedhuu ture. Hiikkaan isaatis “Rabbii erga duunee booda nu jiraachiseef galanni haa gahu; walitti qabamiini keenyas garuma Isaati” jechuu dha. Ergasii mismaaka yookiin rigaa fayyadamuudhaan ilkaan isaanii ni rigatuu ture.
- Nabiyyichi (S.A.W) kutaaa halkanii kan jalqabaa ni rafu. Kutaa xumuraa irratti immoo Salaataan dhaabatu. Dhimmoottaa Muslimootaa sirreessuuf jecha kutaa halkan isaanii kan jalqabaa goolabuuf dhihaatu.
- Ijji isaanii ni rafti. Xnneen isaanii akkuma dammaqeetti bariisifataa ture.
- Ennaa hirribaa rafanitti ofumaan hanga ka’anitti eenyus hirribaa irraa isaan hin kaasu..
- Hirribni isaanii akkaan madaalawaa dha. Kunis akaakuu hirribaa isa akkaan bu’a qabeessa ta’ee dha.

## Qajieeltoo Isaanii Kan Mu'aamalaat

### Deemsa Isaanii

### Haala Rabbini Itti Yaadatan

- Nabiyyichi (S.A.W) namoota wajjiin ni qqosuu ture; haa ta'u malee, qoosa isaanii keessatti dhugaa malee hin dubbatanuu ture.
- Tapha jechootaan taphatuutis ni taphatuut ture; haa ta'u malee, tapha isaanii kan jechootaa keessatti dhugaan alatti waan biraan hin dubbatanuu ture.
- Nabiyyichi (S.A.W) dhimmoota hawaasummaafi diinagdee irratti daandiis ta'ee furmaata ni akeku; akeekaa ni gaafatuut ture (yookiin dhimmoota kanneen irratti gorsa ni laatu; gorsas ni gaafatuut ture)
- Nama dhukkubsate ni gaafatu; janaazaa awwaaluf ni argamu; affeerrii/waamicha ni fudhatu; dhimmoota jaraa raawwachuuf jecha dubbartoota dhiirsoleen isaanii jalaa du'an, miskiinotaafi humna dhabeeyyii wajjiin ni tarkaanfatuu ture.
- Walaloo isaan faarsu caqasaniiru. Walaleessaafis mindaa kafalaniiru. Wanti isaan ittiin faarfaman kan sirrii kamuu gama faarfannaa isaaniiitiin ennaa ilaallamu isa gadi aanaa ta'ee dha. Garuu faaruun namoota isaaniiila jiraniif godhamu irra jireessi isaa soba.
- Nabiyyichi (S.A.W) kophee isaanii harka isaaniiitiin suphaniru. Uffata isaaniiitis harka ofitiin hodhatanii jiru. Akkuma kana baaldii isaanii hodhatanii jiru. Re'ee isaanii elmatanii jiru. Uffata isaanii dachaasanii kaayanii jiru. Maatiwwan isaaniiitiifi mataa isaanii keessummessanii jiru. Ijaarsa masjiidaa irrattis bilookettii dhoqqee baatanii jiru.
- Al tokko tokko ciminna beelaa irraa kan ka'e garaa isaanii jalatti dhagaan hidhatanii jiru. Al tokko tokko immoo quufanii nyaatanii jiru.
- Keessummoota ofii keessummessaniiiru. Keessummummaanis keessummeeffamaniiru.
- Walakkaa mataa isaanii irratti, duubee miila isaanii irratti, al-akhda'ayni (gama lachunuu duubee mormaatiin kanneen argaman ujumool ee dhiiga deebisoo lamaan) fi al-kaahil (iddoo ceekuuwwan lamaan gidduutti argamu ennaa ta'u gara dugdaatis seensa) irra koobamanii (Hijaamaa godhatanii) jiru.
- Qorsaan waldhaanamniiru. Namoota sibiila fiimeen takkosaniiru. Garuu isaan hin tokkofamne. Ruqaas godhaniiru. Garuu isaanif akka godhamu namoota biraa irraa hin gaafanne. Nama dhukkubsate biratti waan isa rakkisa akka hin dalagne dhorkanii jiru.
- Nabiyyichi (S.A.W) gama Mu'aamalaatiin namoota hundumaa irra nama akkaan gaarii dha. Yeroo waan tokko ergifatan yookiin liqeefatan waan liqeefataniin olitti hedдуммеесанii deebisuu ture.

- Nabiyyichi (S.A.W) karaa miilaa ennaa deeman akkaataan tarkaafannaa isaanii namoota hundumaa caalaa kan ariifate ennaa ta'u, haa ta'u malee, tarkaanfiin isaanii kan hundumaa caalaa bareedaafi tasgabbaa'aa ture.
- Akkaataa tarkaafannaa isaaniiitiin hiriyyoota isaanii caalaa saffisoo turan. Kanaafuu isaan bira gahuun akkaan isaan carraaqsiisaa ture.
- Al tokko tokko miila isaanii duwwaan yookiin immoo shabaxiin (kophee funyaaleessaa godhatanii) ni deemuu ture.
- Yeroo baay'ee hiriyyoonni isaanii isaan fuuldura adeemuu ture. Isaanis jara duubaan ta'uu ture.
- Qeenxeen yookiin gareen ta'anii hiriyyoota isaanii wajjiin ni deemuu ture.

Nabiyyichi (S.A.W) gama Rabbii Oultahe yaadachuufi faarfachuuutiin namoota hundumaa irraa isa akkaan guuttaman turan. Inumaa iyyuu haasofni isaanii hundinuu kan qaabannoo Rabbii keessatti daangeeffameefi kan Isaafis taasifamee dha. Yeroo hirriba isaanii irraa ka'anitti Rabbii ni yaadatuut ture. Yeroo Salaata isaanii bananitti, yeroo mana isaaniiiti bahanitti, yeroo masjiida seenanitti, yeroo ganamaafi galgalaattis, yeroo uffata isaanii uffatanittis, yeroo gara iddo boqonnaa seenanitti yookiin bahanittis, yeroo gara mana fincaanii seenanittis, Wudu'u'a osoo hin godhaniifi erga godhaniin boodas, yeroo Azaana dhagahanittis, yeroo ji'a haara arganittis, osoo hin nyaatiniifi erga nyaataniin boodas, yeroo haxxfatanittis, kifftis Rabbii ni yaadatuut ture.

## Sunanotaafi Qajeeltoo Isaan Ilaallatu

	<b>Baay'ina Sunanotaa</b>	Ergamaan Rabbii (S.A.W) akkana jedhaniiru: "(Gochoonni) kudhan isaannan Fixraa gidduutti ramadamanii dha. (Isaanis): areeda hidhii gabaabsuu, areeda guddisuu, siwaaka fayyadamuu, funyaan bishaaniin qulqulleessuu (Al-Istinshaaq), qeensa murachuu, wal qabsiiftuwwan qubbeenii dhiqachuu, rifeensa naannawa bobaa luqqisuu, rifeensa naannawa nafsaalaa haadachuu, (bobbaatiin yookiin fincaaniin booda qaamalee dhuunfaa) bishaaniin qulqulleessuu dha. Haa tau malee, dabarsaan Hadiisicha isa kudhanaffaa dagatee jira.(Odeeffannoo saffisaatiif jecha qabxiin 10ffa kittaanachuu dha)."
	<b>Mirga Irraa Eegaluu</b>	Nabiin (S.A.W) barteen isaanii kan mirga iraa eegaluu kan ajaa'ibsisiu. Ennaa kophee godhatan, ennaa tarkaanfatan, ennaa qulqullina guuttatan, yeroo waan tokko namootaaf kennan hundumaa mirgaan eegalu. Harka isaanii kan mirgaa ittiin soorachuuuf, ittiin dhuguufifi xahaaraaf itti fayyadamuu ture. Harka isaanii kan bitaa immoo waamicha uumamaa ittiin geeffachuuifi wantoota xurii wal fakkaataa ta'an ittiin dhabamsiisuuf itti fayyadamuu ture.
	<b>Dabb-asaa</b>	Dabbasaa ilaachisee qajeeltoon Nabiyyichaa (S.A.W) yookiiakkuma jirutti dhiisuu yookiin immoo akkuma jirutti haadachuu ture.
	<b>Siwaak</b>	Nabiyyichi (S.A.W) siwaaka fayyadamuu ni jaalatuu ture. Yeroo soomanifi yeroo hin soomnes siwaaka ni fayyadamuu ture. Yeroo hirriba isaanii iraa ka'anis, yeroo Wudu'u'a godhanis, Salaataan durattis (yeroo gara Salaataa seenuuf dhaabatanitti) fi yeroo gara manaa galanittis siwaaka ni fayyadamuu ture. Ilkaan isaanii rigataa katuran rigaa muka akaakku Udl Araak jedhamu iraa argamuun ture.
	<b>Shittoo</b>	Nabiyyichi (S.A.W) shittoo fayyadamuu ni hedдумmeessuu ture. Akkasumas shittoo ni jaalatuu ture.
	<b>Areeda fi Areeda Hidhii</b>	Nabiyyichi (S.A.W) akkana jedhaniiru: "Waan qindeessitooni (Mushirikonni dalaganiin) faallaa isaa ta'aa. Kanaafuu areeda guddisaa; areeda hidhii immoo gabaabumatti muraa."
	<b>Daangaa Yeroo</b>	Anas (R.A) akkana jedhaniiru: "Areeda hidhii gabaabsuu, qeensa murachuuifi (rifeensa nafsaalaa haadhachuu) ilaachisee Nabiyyichi (S.A.W) daangaa yeroo lafa nuuf kaayanii jiru. Kunis guyyootaafi halkanoota afurtamaan olitti (akkuma jiranitti) akka hin dhiifnee dha."
<b>Haasawa Isaanii</b>		<ul style="list-style-type: none"> <li>➤ Haati teenya Aa'ishaan (R.A) akkana jettee jirti: "Akka amma isin gootan kanatti Ergamaan Rabbii (S.A.W) haala saffisni itti guuttameen hin haasa'anuu ture; kanaa mannaa isaan isaannan marsaa isaanii taa'an bifaa jecha isaanitiin qomachuun qabachuun isaanif danda'amutti haasawa adeessaa ta'eefi gar gar baasaa ta'en dubbatuu ture."</li> <li>➤ Nabiyyichi (S.A.W) sababbiin yeroo irra jireessa haasawa isaanii yeroo sadih irra deddebi'anii dubbataniff namoonni salphumatti akka hubataniff. Yeroo nagaya namootaaf dhiheessanis yeroo sadih irra deddebi'aa dhiheessuu ture.</li> <li>➤ Yeroo barbaachisaa hin taane hin dubbatanuu ture. Garuu yeroo dubbatanitti bikkanitiifi gabaabsanii jechoota dimshaashawaan dubbatuu ture.</li> <li>➤ Nabiyyichi (S.A.W) waa'ee dhimma isaan hin ilaallannee tasumaa dubbatanii hin beekanu. Akkuma kana dhimma mindaa argachuu iraa kajeela irratti malee dubbatanii hin beekanu.</li> <li>➤ Nabiyyichi (S.A.W) addaggee ta'anii hin beekanu. Jechoota qaaniitis dubbatanii hin beekanu. Sagalee ol kaasanis dubbatanii hin beekanu.</li> </ul>

<p><b>Haala Haasawa, Kolfa, Booyichaafi Khuxbaa Isaanii</b></p>	<p><b>Kolfa Isaani</b></p> <p>Nabiyyichi (S.A.W) kolfi isaanii hundinuu kan seeqanna qofature. Haalli isaan garmalee itti kolfan yoo jiraate muudannoo ilkaanisaanii kan moggee itti muldhachuu danda'e irratti ture.</p>
<p><b>Booyicha Isaanii</b></p>	<p>➤ Nabiyyichi (S.A.W) haala waca uumuun sagalee ol ka'een booyanii hin beekanu. Haa ta'u malee, ennaa booyan haala cimaan imimmaan ni roobsu; laphee isaanii irraayis sagaleen hirqifanna ni dhagahamaa ture.</p> <p>➤ Al tokko tokko sababni booyicha isaanii marartaa nama du'eef qaban irraayi. Al tokko tokko sababni booyicha isaanii sodaa hordoftoota ofitiif qaban yookiin miira namoota biraa qoodamuun irraa ka'eeni. Al tokko tokko sodaa Rabbii irraa ka'een booyu. Al tokko tokko yeroo Qur'aana dhagahan ni booyu.</p>
<p><b>Khuxbaa Isaanii</b></p>	<p>➤ Nabiyyichi (S.A.W) lafa irra dhaabatanis, minbara irra bahanis, gaala kormaa yaabbatanii ennaa imalanis, gaala dhaltuu yaabbatanii ennaa imalanis khuxbaa godhanii (gorsa laatanii) jiru.</p> <p>➤ Jaabir (R.A) akkana jedhaniiru: “Ergamaan Rabbii (S.A.W) khuxbaa ennaa godhanitti iiji isaanii ni diimatti; sagaleen isaanii ol ka'a; dallansuun isaaniitis ni cimaa ture; kunis hanga nama akeekkachiisaa raayyaa waraanaa fakkaatanitti ni gahaa ture.”</p> <p>➤ Rabbiin Oaltahe galatoonfachuun (faarfachuu) kan banan yoo ta'e malee khuxbaa tokkos godhanii hin beekanu.</p> <p>➤ Dhimma (barbaachisaa) hordoftoota isaanii raawwatuufi milkii isaanii tolchuu kamuu irratti yeroo kamuu khuxbaa ni godhuu ture.</p>



## Qorumsa 2ffaa

### Soba Dhugaa

### Gaaffilee:

- £ Nabiin (s.a.w) uffata ennaa uffatan mirga irraa eegalu.
- £ Nyaata isaanii baay'inaan Sufraan lafa irra godhanii sooratu.
- £ Nabiin (s.a.w) imala ennaa bahan ykn imalaa ennaa deebi'an halkan gara manaa hin galanuu ture. Kanas godhuus dhorkanii jiru.
- £ Beela irraa kan ka'e garaa isaanii irratti dhagaa hidhatanii jiru.
- £ Namootaaf Ruqaa yoo godhan isaaniif akka godhamu hin gaafanne
- £ Nabiin (s.a.w) gochoota namoonni waswaasaa ittiin qorman tasuma Raawwatanii hin beekan. Bid'aa jaraa irraayis dhorkanii jiru.
- £ Nabiyyichi (s.a.w) kan ergaman amantii Hanafiyyaa sirriitiin yoo ta'u, innis faallaa Shirkiiifi waan halaala ta'e haraama godhuuti.
- £ Ijoolleen isaanii 7 yoo ta'an, 4 dhiirran 3 immoo dubartoota.
- £ Ijoolleen isaanii hundumtuu Khadiijaa (R.A) irraa dhalatan.
- £ Ijoolleen isaanii hundinuu isaaniin dura du'an.  
Nabiin (s.a.w) ennaa du'an niitolee sagal dhiisuun isaanii ulamoota gidduutti waldhabdee hin qabu. Isaanis: Aa'ishaa, Zaynab bint Jahsh, Hafsah, Ummu Salamaa, Safiyyah, رضي الله عنهم Ummu Habibaa, Maymuna, Sawdaa fi Juwayriyaa dha عنهن.
- £ Rabbiin gama Jibriiliin Khadiijaaf salaamata ergee jira. Kunis haala adda ta'een sadarkaa ishee qofaaf kennamee dha.

1. Halluun jaalatamaan Nabii (s.a.w): A/ Adii B/ Gurraacha C/ Halluu kamuu
2. Uffanni isaanii: A/ Uffata suufaa hin uffatanuu ture B/ Uffata xixiifi laaynanii uffatuu ture C/ Uffatan qaban kamuu ni uffatuu ture D/ A fi B qofti sirrii
3. Uffanni isaanii: A/ Uffata hundumaa irraa akkaan qaalawaa ture B/ Uffata simboo Zaahidummaa caalaa moofaafi bututaa ture C/ Lamaan gidduutti giddu galeessa ture

1. Nabiin (s.a.w) maqaa Rabbii dhayaatiifi Isas faarsaa kan turan: A/ Jalqabbiisoorata isaanii irratti B/ Xumura irratti C/ Jalqaba irrattis xumura irrattis
2. Irra jireessa dhugaa kan turan: A/ Taa'aaniiti B/ Dhaabataniiti C/ Lamaanuu
3. “Addunya teessan irraa ..... Ana biratti jaalatamoo taasafamaniiru.” A/ Dubartoonni B/ Shittoon C/ Lamaanuu
4. “Qubannaan ija tiyyaa ..... naaf godhameera.” A/ Jannata B/ Salaata C/ Lamaanu
5. Seenaan niitolee isaanii waliin qaban gaarii kan ture: A/ gama waliin jirenyaatiin B/ gama naamusaatin C/ Lamaanuu
6. Hadiisa Anas (R.A) dabarsaniiin “Nabiin (s.a.w) areeda hidhuu gabaabsuu, qeensa murachuufi (rifeensa nafsaala haaduu) ilaachisee .... olitti akka hin dhiifne daangaa yeroo lafa nuuf kaayaniiru.” A/ Guyyoota 30 B/ Guyyoota 40 C/ Guyyoota 50
7. Dabbasaa ilaachisee qajeeltoon Nabii (s.a.w): A/ Gartokkee isaa haadataa gar tokkee immoo dhiisaa turan B/ Akkuma jiruun ni haadatu ykn akkuma jiruun ni dhiisu
8. Nabiin (s.a.w) siwaaka ni jaalatu; ..... itti fayyadamuu ture. A/ Yeroo soomanittis B/ Yeroo hin soomnettis C/ Lamaanuu
9. Kolfi isaanii: A/ guutummaan isaa seeqannaar ture B/ irra jireessi seeqannaar ture
10. Nabiin (s.a.w) kan ergaman: A/ gara ilmaan namaan hundaa B/ gara jaanniifi namaati
11. Intalli isaanii filatantuun: A/ Hunduma B/ Faaxumaa C/ Zaynab
12. Nabiin (s.a.w) sarbaa ..... tti irkatanii bakka jiranitti malee mul'atni isaan irratti buufamee hin beeku. A/ Aa'ishaa B/ Hafsa C/ Ummu Salamaa

Dhibamaa	Miskiina. dadhabaafi Gufuuftu duukaa	Afferrii	Awwala irratti	Nabiyyichi (s.a.w):
£	£	£	□	Ni gaafatu
£	£	£	□	Ni argamu
£	£	£	□	Ni fudhatu
£	£	£	□	Ni deemu

Maaifi Mataa ofii	Kophee isaanii harka ofitiin	Uffata isaanii harka ofitiin	Masjida ijaaruuf biloketti	Re'ee isaanii	Gochoota Nabii (s.a.w):
£	£	£	£	□	Ni suphu
£	£	£	£	□	Ni hodhu
£	£	£	£	□	Ni elmu
£	£	£	£	□	Ni keessemmessu
£	£	£	£	□	Ni baadhatu



Areeda Hidhii	Areeda	Nafsaala	Bobaa	Qeensa	Sunanota Uumamaa Keessaa:
£	£	£	£	£	Qumqumuu
£	£	£	£	£	Dheeressuu
£	£	£	£	£	Muruu
£	£	£	£	£	Buqqisuu
£	£	£	£	£	Haaduu

Soorata argatan	Dhorkaa osoo goone dhiisu	Kan nyaatan malee	Nyaata hin jirreen	Haala Soorata Nabii (s.a.w):
£	£	£	□	Dinne jedhanii hin deebifne
£	£	£	□	Dhiibbaa hin uuman
£	£	£	□	Waan gaarii isaaniif dhihaate
£	£	£	□	Kan hin barbaadne yoo ta'e

Sadih	Quba shaniin	Quba tokkoon	Nyaat	Ennaa geessan	He ﷺ would:
£	£	£	£	£	Baay'ina qubbeen ittiin nyaatanii
£	£	£	£	£	Ni arraabu
£	£	£	£	£	Isaan caalaa kabajaadha
£	£	£	£	£	Boonaan kan nyaatu
£	£	£	£	£	Bololaan kan nyaatu



## Simboo Isaanii

### Simboo Ibsamoota Nabi (s.a.w) Keessaa

<b>Amantii</b> <b>Qajeelaafi</b> <b>Qulqulluu</b> <b>Ergamanii</b> <b>Jiru</b>	<p>Imaam Ibnul Qayyim (Rahimahullaah) akkana jedhaniiru: “Ergamtiin Nabiyyichaa (S.A.W) kan amantii qajeelaafi qulqulluu bakka tokkotti sassaabe yoo ta’u, innis gama Tawhiidaatiin qajeeleela dha. Gama Akhlaqaatiin immoo qulqulluu dha. Faallaan dhimmoottan kanneen lamaanii immoo Shirkii fi waan halaala ta’e haraama taasisuu dha.”</p>
<b>Gara Jaannii</b> <b>fi Ilmaan</b> <b>Namaatti</b> <b>Ergaman</b>	<p>Nabiin (S.A.W) akkana jedhaniiru: “Nabiyyiin na dura ergame hunduu gara ummattoota isaatti qofa ergame. Garuu ani gara guutummaa dhala namaatti ergame.”</p>
<b>Kitaabaa</b> <b>fi Da’waa</b> <b>Isaanii</b>	<p>Rabbiin akkana jedha: “<i>Alif, Laam, Raa. (Inni) kitaaba akka ati ilmaan namaa heyyama Goostaa isaaniitiin dukkana (kufrii) irraa gara ifnana (Islaamaa), gara karaa (Rabbii) injifataa, faarfamaa ta’ee baafstuuf gara keetti buufneedha.</i>” (<i>Ibraahiim I</i>)</p>
<b>Raajii</b> <b>Isaanii</b>	<p>Raajiiwan Nabiyyichaaf (S.A.W) kennaman keessaa inni akkaan olaanaan Qur'aana. Dabalataanis Nabiin (s.a.w) raajii san irraa qooda fudhatanii kan ergaman yoo ta’e malee nabiyyiinis ta’ee ergamaan isaaniin dura ergame raajii keessaa tokkos isaaf hin kennname.</p>
<b>Tumaa</b> <b>Nama</b> <b>Isaan jibbu</b> <b>Ilaallatu</b>	<p>Namni isaan jibbu nama gantuu yakka ganumsaa guddaa raawwate ta’e. Kanuma ilaalchisee Rabbiin Oaltahe akkana jedha: “<i>Namni si jibbu, inni dhugumatti sanyiin isaa muramaa dha.</i>” (<i>Al-Kawsar 108:3</i>)</p>
<b>Isaan</b> <b>Jaalachiin</b> <b>Ilaana</b> <b>Irraa</b> <b>Ta’uu</b>	<p>Ergamaan Rabbii (S.A.W) akkana jedhanii jiru: “Ani isa biratti ilma isaa, abbaa isaatiifi guutummaa ilmaan namaa caalaa jaalatamaa hanga ta’utti isin keessaa namni tokkos hin amanne.”</p>
<b>Jaalalloo</b> <b>Rabbii</b>	<p>Ergamaan Rabbii (S.A.W) akkana jedhaniiru: “Dhugumatti, Rabbiin akkuma Ibraahiiimiin jaalalloo Isaa taasifatee fudhatetti anas jaalalloo Isaa taasifatee na fudhatee jira.”</p>
<b>Nabiyyoota</b> <b>Kutatoo</b> <b>(Uhuul’Azmi)</b> <b>Keessaa</b> <b>tokko ta’uu</b>	<p>Rabbiin Oaltahe akkana jedha: “<i>Yeroo Nuti nabiyyoota irraa waadaa isaanii, ammas sirraa, Nuuh, Ibraahiim, Muusaafi Isaa ilma Maryam irraas qabne (yaadadhu). Isaan irraa waadaa cimaa qabne.</i>” (<i>Al-Ahzaab 33:7</i>)</p>
<b>Beekumsa</b> <b>Isaanii</b>	<p>Nabiyyichi (S.A.W) akkana jedhanii jiru: “Ani isin keessaa irra caalaa Allaaha (waa’ee Allaaha) beekaa dha.”</p> <p>Rabbiin Oaltahe akkana jedha: “<i>Jedhi: ‘Kuusaaleen Rabbii ana bira jira isiniin hin jedhu; fagoos hin beeku; ani Malaa’ikaa dhas isiniin hin jedhu. Waan gara kiyya buufame malee hin hordofu. .... ’</i>” (<i>Al-An’aam 6:50</i>)</p>

## Simboo Ibsamoota Nabii (s.a.w) Keessaa

Tumaa Nama Isaanif  
Ajajameefi Ajajamuu Didee

Rabbiin akkana jedha: “*Yoo kan Rabbiin jaallattan taataniif ana hordofaa Rabbiin isin jaallata; badii keessanis isiniif araarama. Rabbiinis araaramaa, rahmata godhaa dha’ jedhiin.*” (Aalu Imraan 31) “*Yoo mu’iminoota taataniif isintu irra aanaa hin laafinaa; hin gaddinaas.*” (Aalu Imraan 139)

Nabiin (S.A.W) “Nama na dide malee hundi keessanuu Jannata ni seentu” jedhan. Isaanis “Yaa Ergamaa Rabbii! Dinne kan jedhu (fincilaan) enyu inni?” jedhan. Isaanis “Namni naaf ajajame kamuu Jannata seene. Namni ana irratti finciilu kamuu garuu (Jannata seenuu) dinne kan jedhee dha” jedhan. Nabiin (S.A.W) akkanas jedhaniiru: “Nama ajaja koo faallessu irratti salphinaafi xiqqeenyi godhamee jira.”

Hordoftoota  
Isaanii

Rabbiin Oaltahe akkana jedha: “*Isin caaltuu ummata namaaj mul’ifamtee taataniittu. Toltutti ajajju; hamtuu irraas ni dhorgitu; Rabbittis ni amantu.*” (Aalu Imraan 3:110)

Nabiyyichi (S.A.W) akkana jedhani jiru: “(Rabbii tokkicha) lubbuun tiyya harka isaa keessa jirutti kakadha! Isin walakkaa jiraattoota Jannataa akka taatan abdiin nan godha.”

Magaala Isaanii

Nabiin (S.A.W) biyyi dhaloota isaanii Makkaa dha. Rabbiin akkana jedha: “*Dhugumatti, manni jalqaba ilmaan namaatiif haala barakeeffamaafi aalama hundaaf qajeelfama ta’een kaayame isa Bakkaan (Makkaan) jiruu dha. Isa keessa mallattoolee ifa ta’an Maqaama Ibraahiimtu jira. Namni isa seenes nagaa ta’aa. Rabbif nama irratti, manicha hajja’utu dirqamni jira. Namni kafares, dhugumatti Rabbiin aalama irraa duroomaa dha.*” (Aalu Imraan 3:96-97)

Akkuma Nabiin (S.A.W) jedhanitti Makkaan biyya qulqulloftuu dha. Akkanas jedhani jiru: “Dhugumatti Rabbiin guyyaa samiiwaniifi dachii itti uume irraa kaasee magaala tana tan eebbfamate taasisee jira. Kanaafuu, isheen bu’ura murtoo Rabbiitiin (hanga guyyaa xumuraatti) eebbfamtuu dha.” Ammas akkuma Nabiin (S.A.W) jedhanitti hanga guyyaa xumuraatti Makkaan magaala Muslimootaati. Kanuma ilaachisee akkana jedhani jiru: “Banamiinsa Makkaatiin booda baqannaan hin jiru.”

Qiblaa Isaanii

Nabiin (S.A.W) kallattiin isaanii kan Salaataa (Qiblaan) Ka’ibaa dha. Haa ta’u malee, jalqaba irratti gara Baytal Maqdiis ture. Rabbiin akkana jedha: “*Dhugumatti, gara samii deddeebi’uu fuula keetii arginee jirra. Gara Qiblaa ati jaallattuu si deebisuuf jirra. (Ammuma) fuula kee gara Masjid Al-Haraam (Ka’ibaatti) garagalchi. Eessallee yoo taatan fuula keessan gara isaa gara galchaa ...*” (Al-Baqaraa 2:144)

Akkuma kana Masjiidni Al-Haraam, kan Makkaa keessatti argamu masjiida dachii irratti yeroo jalqabaatiif ijaaramee dha. Abuu Zarri (R.A) akkana jedhani jiru: “Ani Ergamaa Rabbii (S.A.W) waa’ee masjiida dachii irratti yeroo jalqabaatiif ijaaramee ilaachisee gaafadhe. Isaanis ‘Masjiida Al-Haraam’ naan jedhan.”

Ergamaan Rabbii (S.A.W) akkana jedhaniiru: “Namni (Hajjiif) gara mana (masjiida) kanaa dhufe, kan waan fokkataa hin dubbanneefi gocha finciilas hin raawwanne, akkuma gaafa haati isaa isa deeteetti (diliisa isaa bilisa) ta’ee deebi’aa.”



Simboowwan Isaanii  
Keessaa

Qiblaa Isaanii

Nabiin (S.A.W) akkanas jedhaniiru: “Salaanni Masjiida Al-Haraam keessatti sagadamu (tokko) salaattoota kuma dhibba tokkoo wajjiin wal qixa yoo ta’u, Salaanni masjiida kiyya keessatti sagadamu (tokko) immoo salaattoota kuma tokko wajjiin wal qixa. Salaanni Baytal Maqdiisitti sagadamu tokko immoo salaattoota dhibba shan wajjiin wal qixa.”

Nabiin (S.A.W) akkanas jedhaniiru: “Gara masjiidota sadiiitti yoo ta’e malee gara iddo kamiittuu imalli (amantaawaa) hin godhamu. Isaanis Masjiidal Haraam (Makkaa), Masjiida kiyya (Masjid An-Nabawwii – Al-Madiinaa) fi Masjid Al-Aqsaa (Yerusaalem) dha.” Nabiin (S.A.W) akkanas jedhanii jiru: “Ennaa waamicha uumamaa deebisuuf deemtan, fuula keessaniin gara Qiblaa hin joorinaa; dugda keessanis gara isaa hin joorsisinaa. Kanaa mannaa gara bahaa yookiin dhihaa jooraa.”



## Maatiwwan Isaanii

### Ijollee Isaanii 7n, Dhiirran 3, Dubarran 4

[2] رضي الله عنها Zaynab [1] Al-Qaasim – kun maqaa isaanii kan fufataatis

[4] رضي الله عنها Ummu Kulsum [3] Ruqayyah رضي الله عنها

[6] 'Abdullaah – maqaan biraa Xayyibi fi Xaahir jedhama [5] Faaximaa رضي الله عنها

[7] Ibraahiim- ilma Maariyaatu Al-Qibxiyyaa yoo ta'u, isheen immoo niitii Nabii tan dhoksaa turt. Ibraahiiimin alatti ijoolleen Nabiyiyichaa (S.A.W) isaannan hafan hundinuu kan dhalatan haadha warraa isaanii Khadiijaa (Radiyallaahu Anhaa) irraayi. Isheen alatti niitoleen isaanii isaannan hafan ilma wayiituu isaaniif hin deenne.

Intalli isaanii Faaximaan (R.A) bakka haftutti ijoolleen Nabii (S.A.W) hunduu isaaniin dura du'an. Isheenis du'a Nabitiin (s.a.w) booda baatiwwan jaha turt. Obsa isheetiifii Rabbiin biraa mindaa nan argadha jetteee herregachuu isheetiin Rabbiin sadarkaalee dubartoota alamaa irratti caalmaa ittiin argattuun ishee ol kaase. Dimshaashumatti ennaa ilaallamu ijlolle Isaanii tanneen dubartii keessaa irra caaltun Faaximaa (R.A) dha. Ijlolleen Isaanii tan dubartii hundinuu kennaa amantii Islaamummaa bira gahanii jiru. Islaamummaas fudhatanii jiru. Isaan wajjiinis gara Madiinaa baqatanii jiru.

2. Al-Abbaas رضي الله عنه adda duree wareegamtootaa

4. Abu Lahab, Abdul-Uzzaa 3. Abu Xaalib,Abdu-Manāf

8. Dirār 7. Al-Muqawwim 6. 'Abdul-Ka'bah 5. Az-Zubair

11. Al-Ghaydaq, maqaan Isaanii Mus'ab 10. Al-Mugiiraa, maqaan Isaanii kan biraa Hajal. 9. Qusam

### Abbeeran Isaanii 11n

Abbeerota gama abbaa Isaanii tiin Isaanitti firooman keessaa Hamzaafi Al-Abbaas (R.A) bakka hafanitti tokkos Islaamummaa hin fudhanne.





<b>Adaadota Gama Abbaatiin Jiran</b>  <b>Maqaalee Niitolee Isaanii</b>    <b>Khadijja (RA)</b>  <b>Sawdaa (R.A)</b>	<table border="1" style="width: 100%; border-collapse: collapse;"> <tr> <td style="width: 50%;">2. Umm Hakiim al-Baydaa</td><td style="width: 50%;">1. Safiyyah, Umm Az-Zubayr ibn ‘Awwām رضي الله عنها</td></tr> <tr> <td>6. Umayma</td><td>5. Urwā</td><td>4. Barra</td><td>3.’Aatika</td></tr> </table> <table border="1" style="width: 100%; border-collapse: collapse;"> <tr> <td style="width: 25%; text-align: center; background-color: #d9e1f2;">جزء</td><td>(al-haa, ح) = Hafsa bint ‘Umar ibn Al-Khattaab رضي الله عنها (al-jiim, ج) = Juwayriyyah bint Al-Haaris رضي الله عنها (az-zaay, ز) = Zaynab bint Jahshin + رضي الله عنها Zaynab bint Khuzaymaa رضي الله عنها</td></tr> </table> <table border="1" style="width: 100%; border-collapse: collapse;"> <tr> <td style="width: 25%; text-align: center; background-color: #d9e1f2;">جزء</td><td>(as-sd, ص) = Safiyyah bint Huyayyi ibn Akhhab رضي الله عنها (al-khaa, خ) = Khadijah bint Khuwaylid رضي الله عنها (ar-raa, ر) = Umm Habibaa Ramlah bint Abai Sufyaan رضي الله عنها</td></tr> </table> <table border="1" style="width: 100%; border-collapse: collapse;"> <tr> <td style="width: 25%; text-align: center; background-color: #d9e1f2;">سمعة</td><td>(as-siin, س) = Sawdaa bint Zam'a رضي الله عنها (al-miim, م) = Maymuunaa bint Al-Haaris رضي الله عنها (al-‘ayn, ع) = Aa’isha bint Abii Bakr رضي الله عنها (al-haa, ه) = Umm Salamaa Hind bint Abii Umayyaa رضي الله عنها</td></tr> </table> <table border="1" style="width: 100%; border-collapse: collapse;"> <tr> <td style="text-align: center; background-color: #d9e1f2;">Niitolee Nabii (S.A.W) keessaa tan duraa Khadijaa Bint Khuwaylid Al-Qurashiyyaa Al-Asadiyyaa (R.A) ennaa taatu, isaanis ishee kan fuudhan osoo nabiyummaan hin ergamin dura ture. Ennaa wal fuudhanis umuriin ishee waggaa 40 ture. Nabiyichis (S.A.W) hanga ishee lubbuun turtetti niitii biraa hin fuune ture. Ibraahim bakka hafutti ijoolleen isaanii hunduu tanneen Khadijaa irraa dhalatan turan. Yeroo Nabiiin (S.A.W) taaytaa nabiyummaa argatanitti Khadijaa isaan cinaan taatee isaanif tumsaa ture. Isaan waliinis carraaqaa ture. Lubbuufi mallaqa isheetiin isaanif humna ta’aa ture. Kanaafuu, Rabbiin gama malaa’ikicha Jibriliin (A.S) nagaya isheef erge. Kunis arjummaa isheef qofa kennameefi kan dubartoota isheen ala jiraniif kennamee hin beekamne. Isheenis baqannaas Islaamummaatiin dura woggoota 3 dursitee duute.</td></tr> <tr> <td style="text-align: center; background-color: #d9e1f2;">Ergamaan Rabbii (S.A.W) lubbuun darbuu Khadijaaatiin booda tutti gabaabduun booda Sawdaa Bint Zam’aa Al-Qurashiyyaa fuudhan. Isheenis tan duuba irratti dabaree halkan ishee bifaa kennaatiin Aa’ishaaf gumaachitee dha.</td></tr> </table>	2. Umm Hakiim al-Baydaa	1. Safiyyah, Umm Az-Zubayr ibn ‘Awwām رضي الله عنها	6. Umayma	5. Urwā	4. Barra	3.’Aatika	جزء	(al-haa, ح) = Hafsa bint ‘Umar ibn Al-Khattaab رضي الله عنها (al-jiim, ج) = Juwayriyyah bint Al-Haaris رضي الله عنها (az-zaay, ز) = Zaynab bint Jahshin + رضي الله عنها Zaynab bint Khuzaymaa رضي الله عنها	جزء	(as-sd, ص) = Safiyyah bint Huyayyi ibn Akhhab رضي الله عنها (al-khaa, خ) = Khadijah bint Khuwaylid رضي الله عنها (ar-raa, ر) = Umm Habibaa Ramlah bint Abai Sufyaan رضي الله عنها	سمعة	(as-siin, س) = Sawdaa bint Zam'a رضي الله عنها (al-miim, م) = Maymuunaa bint Al-Haaris رضي الله عنها (al-‘ayn, ع) = Aa’isha bint Abii Bakr رضي الله عنها (al-haa, ه) = Umm Salamaa Hind bint Abii Umayyaa رضي الله عنها	Niitolee Nabii (S.A.W) keessaa tan duraa Khadijaa Bint Khuwaylid Al-Qurashiyyaa Al-Asadiyyaa (R.A) ennaa taatu, isaanis ishee kan fuudhan osoo nabiyummaan hin ergamin dura ture. Ennaa wal fuudhanis umuriin ishee waggaa 40 ture. Nabiyichis (S.A.W) hanga ishee lubbuun turtetti niitii biraa hin fuune ture. Ibraahim bakka hafutti ijoolleen isaanii hunduu tanneen Khadijaa irraa dhalatan turan. Yeroo Nabiiin (S.A.W) taaytaa nabiyummaa argatanitti Khadijaa isaan cinaan taatee isaanif tumsaa ture. Isaan waliinis carraaqaa ture. Lubbuufi mallaqa isheetiin isaanif humna ta’aa ture. Kanaafuu, Rabbiin gama malaa’ikicha Jibriliin (A.S) nagaya isheef erge. Kunis arjummaa isheef qofa kennameefi kan dubartoota isheen ala jiraniif kennamee hin beekamne. Isheenis baqannaas Islaamummaatiin dura woggoota 3 dursitee duute.	Ergamaan Rabbii (S.A.W) lubbuun darbuu Khadijaaatiin booda tutti gabaabduun booda Sawdaa Bint Zam’aa Al-Qurashiyyaa fuudhan. Isheenis tan duuba irratti dabaree halkan ishee bifaa kennaatiin Aa’ishaaf gumaachitee dha.
2. Umm Hakiim al-Baydaa	1. Safiyyah, Umm Az-Zubayr ibn ‘Awwām رضي الله عنها														
6. Umayma	5. Urwā	4. Barra	3.’Aatika												
جزء	(al-haa, ح) = Hafsa bint ‘Umar ibn Al-Khattaab رضي الله عنها (al-jiim, ج) = Juwayriyyah bint Al-Haaris رضي الله عنها (az-zaay, ز) = Zaynab bint Jahshin + رضي الله عنها Zaynab bint Khuzaymaa رضي الله عنها														
جزء	(as-sd, ص) = Safiyyah bint Huyayyi ibn Akhhab رضي الله عنها (al-khaa, خ) = Khadijah bint Khuwaylid رضي الله عنها (ar-raa, ر) = Umm Habibaa Ramlah bint Abai Sufyaan رضي الله عنها														
سمعة	(as-siin, س) = Sawdaa bint Zam'a رضي الله عنها (al-miim, م) = Maymuunaa bint Al-Haaris رضي الله عنها (al-‘ayn, ع) = Aa’isha bint Abii Bakr رضي الله عنها (al-haa, ه) = Umm Salamaa Hind bint Abii Umayyaa رضي الله عنها														
Niitolee Nabii (S.A.W) keessaa tan duraa Khadijaa Bint Khuwaylid Al-Qurashiyyaa Al-Asadiyyaa (R.A) ennaa taatu, isaanis ishee kan fuudhan osoo nabiyummaan hin ergamin dura ture. Ennaa wal fuudhanis umuriin ishee waggaa 40 ture. Nabiyichis (S.A.W) hanga ishee lubbuun turtetti niitii biraa hin fuune ture. Ibraahim bakka hafutti ijoolleen isaanii hunduu tanneen Khadijaa irraa dhalatan turan. Yeroo Nabiiin (S.A.W) taaytaa nabiyummaa argatanitti Khadijaa isaan cinaan taatee isaanif tumsaa ture. Isaan waliinis carraaqaa ture. Lubbuufi mallaqa isheetiin isaanif humna ta’aa ture. Kanaafuu, Rabbiin gama malaa’ikicha Jibriliin (A.S) nagaya isheef erge. Kunis arjummaa isheef qofa kennameefi kan dubartoota isheen ala jiraniif kennamee hin beekamne. Isheenis baqannaas Islaamummaatiin dura woggoota 3 dursitee duute.															
Ergamaan Rabbii (S.A.W) lubbuun darbuu Khadijaaatiin booda tutti gabaabduun booda Sawdaa Bint Zam’aa Al-Qurashiyyaa fuudhan. Isheenis tan duuba irratti dabaree halkan ishee bifaa kennaatiin Aa’ishaaf gumaachitee dha.															



### Aa'ishaah (R.A)

Sanaan booda Ergamaan Rabbii (S.A.W) Aa'ishaah As-Siddiqaa Bint As-Siddiq fuudhan. Maqaan ishee kan fufataas Ummu Abdullaah dha. Aa'ishaan haadha warraa isaanii ishee Rabbiin Oaltahe samiwwan torbanii olii dubbii kijibaa ishee irratti maxxanfameeture san irraa bilisa ishee taasisee dha. Isheen Nabiyichaa (S.A.W) biratti hunda caalaajaalatamtuu dha. Aa'ishaan (R.A) osoo Nabiyichatti (S.A.W) hin heerumniin durattisaaniif uffata bicuu harrii irraa ta'een kan isaaniif dhiheeffamte gama malaa'ikaatiin abjuu isaanii keessa turt. Malaa'ikichis "Tun niitii teeti" isaaniin jedhe. Ergamaan Rabbiitis (S.A.W) baatii Shawwaal keessa, isheen intala waggaajahaa taatee Nikaah hidhaniif. Ergasiit umuriin ishee wagga 9 yoo guutetti wagga Hijraa 1ffaa irratti gaa'elaan ishee fudhatan. Ergamaan Rabbiis (S.A.W) isheen ala durba duudaa hin fuune. Ammas Nabii (S.A.W) bakka sarbaa ishee irratti irkatanii taa'anitti malee mul'atni isaan irratti bu'ee hin beeku. Aa'ishaan (R.A) uumamtoota keessaa Ergamaa Rabbii (S.A.W) biratti irra caalaajaalatamtuu dha. Qulqullummaan isheetis samiwwanii olii kan bu'e ennaa ta'u, namni ishee irratti oduu sobaa uumes Kaafira ta'uun isaa Ummaan sagalee tokkoon irratti walif galee jira. Haati teenya Aa'ishaan (R.A) niitolee Nabii (S.A.W) keessaa dubartii siritti amanticha hubatteefi hunda isaaniituu caalaa beektuu dha. Akkuma kana dubartoota irraa irra caaltuu Faqihhaafi Aalimaati. Hiriyyoonni Nabiyichaa (S.A.W) hangaftoonni osoo hin hafne yaada ishee ni barbaadu; fatwaas (murtoo amantiitis) ni gaafatatu ture.

### Hafsa (R.A)

Itti aanseetis Ergamaan Rabbii (S.A.W) Hafsa Bint Umar Ibn Al-Khaxxaabiin (R.A) fuudhan. Isheen dursitee dhiirsa ishee kan jalqabaa Khunays Ibn Huzaafaa As-Sahamiyyi wajjiin Islaamummaa fudhattee ture. Isa wajjiinis gara Madiinaa godaantee ture. Innis duula Uhudiin booda osoo baay'ee hin turre du'e. Kanaafuu sanaan booda Ergamaan Rabbii (S.A.W) ishee fuudhan.

### Zaynab bint Khuzaymah (R.A)

Itti aansunis Nabiyichi (S.A.W) Zaynab Bint Khuzaymaa Ibn Al-Haaris Al-Qaysiyyaa, gosa Banuu Hilaal Ibn Aamir irraa fuudhan. Haa ta'u malee, isheen erga Ergamaatti (S.A.W) heerumtee baatiwwan lamaan booda ni duute. Isheen tan maqaan biraa haadha miskiinotaa jedhamus isheef kennamee dha.

### Ummu Salamaa (R.A)

Itti aansunis Nabiyichi (S.A.W) Ummu Salamaa Hind Bint Abii Umayyaa Al-Qurashiyaa Al-Makhzumiyyaa fuudhan. Maqaan Abuu Umayyaa, Huzayfaa Ibn Mugiiraati. Ummu Salamaan (Radiyallaahu Anhaa) niitolee Nabiyichaa (S.A.W) keessaa ishee booda irratti duutee dha. Kan duutes Hijaan booda wagga 62ffaa irratti ture.

### Juwayriyyah (R.A)

Haaluma wal fakkaataa ta'een Nabiyichi (S.A.W) Juwayriyyaa Ibn Al-Haaris Ibn Abii Diraar Al-Musxaliqiyyiin fuudhanii jiru. Isheen booji'amtoota Banii Al-Musxaliq gidduu ture. Walabummaa ishee argachuuf jechas gargaarsa Ergamaa (S.A.W) barbaacha gara isaanii dhaqx. Kanaafuu isaanis gaaffiidhuma ishee kana deebisanifii fuudhan.

**Zaynab bint Jahsh  
(R.A)**

Itti aansunis Ergamaan Rabbii (S.A.W) Zaynab Bint Jahshin (R.A) gosa Bauu Asad Ibn Khuzaymaa irraa fuudhan. Isheenintala adaadaa isaanii tan gara abbaa isaaniiitiin Nabiyyichatti (S.A.W) firoomtuuti. Jechi Rabbii Oltahhee kan armaan gadiiitis kan bu'e ishee ilaallatee ture: "... *Yeroma Zaydiin ishee irraa dhimma fixate (ishee hooke), ishee sitti heerumsiifne.* ...." (*Al-Ahzaab* 33:37) Sababuma kanaanis Zaynab Bint Jahshi (R.A) akkana jechuudhaan niitolee Nabiyyichaa (S.A.W) hafan irratti of dhaadaa ture: "Isin (Ergamaa Rabbiittii) kan isin heerumsiise maatiwwan keessan. Haa ta'u malee, ana (Ergamaa Rabbiittii) kan na heerumsiise Rabbii samiiwwan torbaan olitti ol tahee dha." Simboo Ibsamoota Zaynab (R.A) keessaa inni tokko isheedhaaf waliyyii (gaa'elaaf wabii yookiin iddoomaa kan isheef ta'ee) ishee Ergamaa Isaatti heerumsiise Rabbii Oltah, Isa samiiwwan torbaan olitti jiruu dha. Isheenintala duute jalqabbii zabana khaliifummaa Umar Ibnul Khaxxaab (R.A) irratti ture. Zaynab Bint Jahshi (R.A) jalqaba irratti tan heerumte Zayd Ibn Haarisaa (R.A) tti ture. Isas kan guddisan Nabiyyicha (S.A.W) turan. Yeroo Zayd ishee hiikettis Rabbiin ishee Ergamaa Isaatti heerumsiise. Sababni kunis ta'eef ijoollee guddifachaa ilaalchisee niitolee isaanii durii fuudhuun heyyamamaa ta'uua isaa hordoftoota isaanii barsiisuuf ture.

**Umm Habibaa  
(R.A)**

Kanatti aansunis Nabiyyichi (S.A.W) Ummu Habiibaa fuudhan. Maqaan ishee guutunis Ramlaa Bint Abii Sufyaan Sakhir Ibn Harb Al-Qurashiyyaa Al-Amwiyyaa dha. Nabiyyichi (S.A.W) ishee kan fuudhan bakka isheen Habashaa keessatti godaantuu taatee jirtuttii ture. Mootichi Najaashiiniis isheef Mahrii akka ta'uuf jecha Diinaara dhibba afur kennan. Ergasii isheen asi irraa gara Ergamaatti (S.A.W) miiltoo wajjiin ergamte. Tan duutes zabana sirna bulchiinsa obbolessa ishee Mu'aawiyaa (Radyallaahu Anhu) keessa ture.

**Safiyah (R.A)**

Kanatti aansunis Nabiyyichi (S.A.W) Safiyyaa Bint Huyayyi Ibn Akhxabiin fuudhan. Akhxab adda duree gosa Banuu An-Nadiir ennaa ta'u, Banuun An-Nadiiris obbolessa Nabiyyullaahi Muusaa (A.S) kan ta'an hortee Haaruun Ibn Imraaniiti. Waan kana ta'eefis Safiyyaan (R.A) gama tokkoon intala Nabiyyii ennaa taatu, gama biraatiin immoo niitii Nabiyyiiti. Safiyyaan (R.A) dubartoota addunyaa hundumaa caalaa akkaan bareedduu ture. Haa ta'u malee, booji'amtuu ture. Booji'amtoota dubartootaa wajjiinis taatee gara isaanii dhufte. Isaanis gabrummaa jala walaba ishee baasan. Walabummaa isheetis Mahrii ishee taasisanii. Inni kunis gocha Sunnaa godhamee fudhatame.

**Maymu-  
unaa  
(R.A)**

Kanatti aansunis Nabiin (S.A.W) Maymuunaa Bint Al-Haarid Al-Hilaaliyyaa fuudhan. Isheen niitolee Nabiyyichaa (S.A.W) keessaa tan xumuraa ennaa taatu, isaanis ishee kan fuudhan Umraa godhuudhaaf gara Makkaa erga deebi'anii booda ture.

Nabiin (S.A.W) yeroo du'an niitolee isaanii keessaa sagal lubbuun akka turan ilaalchisee Ulamoota gidduutti wal dhabdeen homaatuu hin jiru. Darbiinsa isaaniiitiin boodas isaan hordofuun niitiin isaanii tan jalqabaa Hijraa 20tti tan duute Zaynab Bint Jahshi ture. Niitolee isaanii keessaa xumura irratti tan duute immoo Ummu Salamaa ennaa taatu, tan duutes bara Hijraa 62tti zabana khaliifummaa Yaziid Ibn Mu'aawiyaa keessa ture.



## Seenaa 2: Seenaa Nabi Muhammad (S.A.W)



## Nabiyyummaan Duratti

<b>Dhalata Isaanii</b>	<p>Ergamaan Rabbi (S.A.W) kan dhalatan waggaa arbaa (Aamul Fiil – zabana Abrahaan Ka’ibaa mancaasuuf jecha raayyaa arbaatiin duule) keessa, gaafa dafnoo, baatii Rabbi’ul Awwal, Hijraan duratti waggaa 55 yoo ta’u, bu’ura akkaataa lakkofsa warra Awurooppaatiin immoo bara 571tti ture. Taateen raayyaa waraanaa arbaatiifi haalli Rabbiin isaan ittiin mancaase yoo ilaallu, injifanno Rabbiin Oaltahe nabiyyii Isaatiifi mana Isaa qulqulleeffamaaf dursee laate ta’uu isaa hubanna.</p>						
<b>Abbaa Isaanii</b>	<p>Abbaan Isaanii Abdullaah Ibn Abdul Maxxalib jedhamu. Isaanis kan du'an bakka Nabiyyichi (S.A.W) gadaamessa haadha isaanii keessa jiranitti ture. Waan kana ta'efis Nabiyyichi (S.A.W) kan dhalatan yatiima ta'aniti.</p>						
<b>Haadha Isaanii</b>	<p>Haati isaanii Aamiinaa Bint Wahb yoo taatu, gosa Banuu Zuhraa irraayi. Isheenis tan duute reefuu osoo Nabiyyichi (S.A.W) waggaa torba hin guutin ture.</p>						
<b>Kunuunis-ota Isaanii</b>	<p>Erga haati isaanii duuteen booda namni Nabiyyicha (S.A.W) itti gaafatamummaan fudhat yoo jiraate akaakayyuu isaanii Abdul Maxxalib turan. Ergasii Nabiyyichi (S.A.W) umuriin isaanii waggaa saddeeti yeroo guutetti akaakayyuun isaaniitii jalaa du'an. Ergasii abbeeraan isaanii Abuu Xaalib, kan gara abbaa isaaniitii isaanitti firooman itti gaafatamummaan isaan fudhatan. Maqaan Abuu Xaalibis Abu Manaaf ture.</p>						
<b>Haawwootii Isaan Guddisan</b>	<table border="1" style="width: 100%; border-collapse: collapse;"> <tr> <td style="width: 25%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Suwaybaa</b> </td><td style="width: 75%; padding: 5px;"> <p>Bulchaan Suwaybaa Abuu Lahab ennaa ta’u, isheenis aannan ilma ishee Masruuhin Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin Abuu Salamaa Abdullaah Ibn Abdul Asad Al-Mukhzumiyyis hoosiftee jirti. Akkasumas jara lamaan duukaa abbeeraa Nabiyyichaa (S.A.W) kan ta'an Hamzaa Ibn Abdul Muxxalibiinis hoosiftee jirti.</p> </td></tr> <tr> <td style="width: 25%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Haliimaa As-Sa'diyyayah</b> </td><td style="width: 75%; padding: 5px;"> <p>Haliimaan obboleessa Unaysaafi Juzaamaa kan ta'e aannan mucaa ishee Abdullaatiin Nabiyyicha (S.A.W) hoosiftee jirti. Isaanis ijoolle Al-Haaris Ibn Abdul Uzzaa Ibn Rafaa'aa As-Sa'diyyi. Kana malees Haliimaan Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin ilma abbeeraa isaanii kan ta'e Abuu Sufyaan hoosiftee jirti.</p> </td></tr> </table>	<b>Suwaybaa</b>	<p>Bulchaan Suwaybaa Abuu Lahab ennaa ta’u, isheenis aannan ilma ishee Masruuhin Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin Abuu Salamaa Abdullaah Ibn Abdul Asad Al-Mukhzumiyyis hoosiftee jirti. Akkasumas jara lamaan duukaa abbeeraa Nabiyyichaa (S.A.W) kan ta'an Hamzaa Ibn Abdul Muxxalibiinis hoosiftee jirti.</p>	<b>Haliimaa As-Sa'diyyayah</b>	<p>Haliimaan obboleessa Unaysaafi Juzaamaa kan ta'e aannan mucaa ishee Abdullaatiin Nabiyyicha (S.A.W) hoosiftee jirti. Isaanis ijoolle Al-Haaris Ibn Abdul Uzzaa Ibn Rafaa'aa As-Sa'diyyi. Kana malees Haliimaan Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin ilma abbeeraa isaanii kan ta'e Abuu Sufyaan hoosiftee jirti.</p>		
<b>Suwaybaa</b>	<p>Bulchaan Suwaybaa Abuu Lahab ennaa ta’u, isheenis aannan ilma ishee Masruuhin Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin Abuu Salamaa Abdullaah Ibn Abdul Asad Al-Mukhzumiyyis hoosiftee jirti. Akkasumas jara lamaan duukaa abbeeraa Nabiyyichaa (S.A.W) kan ta'an Hamzaa Ibn Abdul Muxxalibiinis hoosiftee jirti.</p>						
<b>Haliimaa As-Sa'diyyayah</b>	<p>Haliimaan obboleessa Unaysaafi Juzaamaa kan ta'e aannan mucaa ishee Abdullaatiin Nabiyyicha (S.A.W) hoosiftee jirti. Isaanis ijoolle Al-Haaris Ibn Abdul Uzzaa Ibn Rafaa'aa As-Sa'diyyi. Kana malees Haliimaan Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin ilma abbeeraa isaanii kan ta'e Abuu Sufyaan hoosiftee jirti.</p>						
<b>Kunuunisitota Isaanii</b>	<table border="1" style="width: 100%; border-collapse: collapse;"> <tr> <td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Haliimaa bint Abii Zu'ayb As-Sa'diyyah</b> </td><td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Gabrittii Abuu Lahab tan taate Suwaybaa</b> </td><td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Haadha Isaanii Aamiinaa</b> </td></tr> <tr> <td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Shaymah</b> </td><td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <p>Ash-Shaymaa'in intala Haliimaatiifi obboleettii Nabiyyichaa (S.A.W) tan hoosisaati. Isheenis tan jiila Hawaazin (banamiinsa Makkaatiin booda gosoota Nabiyyicha /S.A.W/ wajjiin waraana adeemsisan keessaa tokko kan ta'e) wajjiin gara isaanii tan dhuftee dha. Isaanis uffata isaanii isheef afan. Haqa isheen isaan irraa qabdu tiksuum jechas achi irra teessisan.</p> </td><td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"></td></tr> </table>	<b>Haliimaa bint Abii Zu'ayb As-Sa'diyyah</b>	<b>Gabrittii Abuu Lahab tan taate Suwaybaa</b>	<b>Haadha Isaanii Aamiinaa</b>	<b>Shaymah</b>	<p>Ash-Shaymaa'in intala Haliimaatiifi obboleettii Nabiyyichaa (S.A.W) tan hoosisaati. Isheenis tan jiila Hawaazin (banamiinsa Makkaatiin booda gosoota Nabiyyicha /S.A.W/ wajjiin waraana adeemsisan keessaa tokko kan ta'e) wajjiin gara isaanii tan dhuftee dha. Isaanis uffata isaanii isheef afan. Haqa isheen isaan irraa qabdu tiksuum jechas achi irra teessisan.</p>	
<b>Haliimaa bint Abii Zu'ayb As-Sa'diyyah</b>	<b>Gabrittii Abuu Lahab tan taate Suwaybaa</b>	<b>Haadha Isaanii Aamiinaa</b>					
<b>Shaymah</b>	<p>Ash-Shaymaa'in intala Haliimaatiifi obboleettii Nabiyyichaa (S.A.W) tan hoosisaati. Isheenis tan jiila Hawaazin (banamiinsa Makkaatiin booda gosoota Nabiyyicha /S.A.W/ wajjiin waraana adeemsisan keessaa tokko kan ta'e) wajjiin gara isaanii tan dhuftee dha. Isaanis uffata isaanii isheef afan. Haqa isheen isaan irraa qabdu tiksuum jechas achi irra teessisan.</p>						
<b>Dhalata Isaanii</b>	<p>Ergamaan Rabbi (S.A.W) kan dhalatan waggaa arbaa (Aamul Fiil – zabana Abrahaan Ka’ibaa mancaasuuf jecha raayyaa arbaatiin duule) keessa, gaafa dafnoo, baatii Rabbi’ul Awwal, Hijraan duratti waggaa 55 yoo ta’u, bu’ura akkaataa lakkofsa warra Awurooppaatiin immoo bara 571tti ture. Taateen raayyaa waraanaa arbaatiifi haalli Rabbiin isaan ittiin mancaase yoo ilaallu, injifanno Rabbiin Oaltahe nabiyyii Isaatiifi mana Isaa qulqulleeffamaaf dursee laate ta’uu isaa hubanna.</p>						
<b>Abbaa Isaanii</b>	<p>Abbaan Isaanii Abdullaah Ibn Abdul Maxxalib jedhamu. Isaanis kan du'an bakka Nabiyyichi (S.A.W) gadaamessa haadha isaanii keessa jiranitti ture. Waan kana ta'efis Nabiyyichi (S.A.W) kan dhalatan yatiima ta'aniti.</p>						
<b>Haadha Isaanii</b>	<p>Haati isaanii Aamiinaa Bint Wahb yoo taatu, gosa Banuu Zuhraa irraayi. Isheenis tan duute reefuu osoo Nabiyyichi (S.A.W) waggaa torba hin guutin ture.</p>						
<b>Kunuunis-ota Isaanii</b>	<p>Erga haati isaanii duuteen booda namni Nabiyyicha (S.A.W) itti gaafatamummaan fudhat yoo jiraate akaakayyuu isaanii Abdul Maxxalib turan. Ergasii Nabiyyichi (S.A.W) umuriin isaanii waggaa saddeeti yeroo guutetti akaakayyuun isaaniitii jalaa du'an. Ergasii abbeeraan isaanii Abuu Xaalib, kan gara abbaa isaaniitii isaanitti firooman itti gaafatamummaan isaan fudhatan. Maqaan Abuu Xaalibis Abu Manaaf ture.</p>						
<b>Haawwootii Isaan Guddisan</b>	<table border="1" style="width: 100%; border-collapse: collapse;"> <tr> <td style="width: 25%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Suwaybaa</b> </td><td style="width: 75%; padding: 5px;"> <p>Bulchaan Suwaybaa Abuu Lahab ennaa ta’u, isheenis aannan ilma ishee Masruuhin Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin Abuu Salamaa Abdullaah Ibn Abdul Asad Al-Mukhzumiyyis hoosiftee jirti. Akkasumas jara lamaan duukaa abbeeraa Nabiyyichaa (S.A.W) kan ta'an Hamzaa Ibn Abdul Muxxalibiinis hoosiftee jirti.</p> </td></tr> <tr> <td style="width: 25%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Haliimaa As-Sa'diyyayah</b> </td><td style="width: 75%; padding: 5px;"> <p>Haliimaan obboleessa Unaysaafi Juzaamaa kan ta'e aannan mucaa ishee Abdullaatiin Nabiyyicha (S.A.W) hoosiftee jirti. Isaanis ijoolle Al-Haaris Ibn Abdul Uzzaa Ibn Rafaa'aa As-Sa'diyyi. Kana malees Haliimaan Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin ilma abbeeraa isaanii kan ta'e Abuu Sufyaan hoosiftee jirti.</p> </td></tr> </table>	<b>Suwaybaa</b>	<p>Bulchaan Suwaybaa Abuu Lahab ennaa ta’u, isheenis aannan ilma ishee Masruuhin Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin Abuu Salamaa Abdullaah Ibn Abdul Asad Al-Mukhzumiyyis hoosiftee jirti. Akkasumas jara lamaan duukaa abbeeraa Nabiyyichaa (S.A.W) kan ta'an Hamzaa Ibn Abdul Muxxalibiinis hoosiftee jirti.</p>	<b>Haliimaa As-Sa'diyyayah</b>	<p>Haliimaan obboleessa Unaysaafi Juzaamaa kan ta'e aannan mucaa ishee Abdullaatiin Nabiyyicha (S.A.W) hoosiftee jirti. Isaanis ijoolle Al-Haaris Ibn Abdul Uzzaa Ibn Rafaa'aa As-Sa'diyyi. Kana malees Haliimaan Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin ilma abbeeraa isaanii kan ta'e Abuu Sufyaan hoosiftee jirti.</p>		
<b>Suwaybaa</b>	<p>Bulchaan Suwaybaa Abuu Lahab ennaa ta’u, isheenis aannan ilma ishee Masruuhin Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin Abuu Salamaa Abdullaah Ibn Abdul Asad Al-Mukhzumiyyis hoosiftee jirti. Akkasumas jara lamaan duukaa abbeeraa Nabiyyichaa (S.A.W) kan ta'an Hamzaa Ibn Abdul Muxxalibiinis hoosiftee jirti.</p>						
<b>Haliimaa As-Sa'diyyayah</b>	<p>Haliimaan obboleessa Unaysaafi Juzaamaa kan ta'e aannan mucaa ishee Abdullaatiin Nabiyyicha (S.A.W) hoosiftee jirti. Isaanis ijoolle Al-Haaris Ibn Abdul Uzzaa Ibn Rafaa'aa As-Sa'diyyi. Kana malees Haliimaan Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin ilma abbeeraa isaanii kan ta'e Abuu Sufyaan hoosiftee jirti.</p>						
<b>Kunuunisitota Isaanii</b>	<table border="1" style="width: 100%; border-collapse: collapse;"> <tr> <td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Haliimaa bint Abii Zu'ayb As-Sa'diyyah</b> </td><td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Gabrittii Abuu Lahab tan taate Suwaybaa</b> </td><td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Haadha Isaanii Aamiinaa</b> </td></tr> <tr> <td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <b>Shaymah</b> </td><td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"> <p>Ash-Shaymaa'in intala Haliimaatiifi obbolettii Nabiyyichaa (S.A.W) tan hoosisaati. Isheenis tan jiila Hawaazin (banamiinsa Makkaatiin booda gosoota Nabiyyicha /S.A.W/ wajjiin waraana adeemsisan keessaa tokko kan ta'e) wajjiin gara isaanii tan dhuftee dha. Isaanis uffata isaanii isheef afan. Haqa isheen isaan irraa qabdu tiksuum jechas achi irra teessisan.</p> </td><td style="width: 33%; background-color: #d9e1f2; vertical-align: top; padding: 5px;"></td></tr> </table>	<b>Haliimaa bint Abii Zu'ayb As-Sa'diyyah</b>	<b>Gabrittii Abuu Lahab tan taate Suwaybaa</b>	<b>Haadha Isaanii Aamiinaa</b>	<b>Shaymah</b>	<p>Ash-Shaymaa'in intala Haliimaatiifi obbolettii Nabiyyichaa (S.A.W) tan hoosisaati. Isheenis tan jiila Hawaazin (banamiinsa Makkaatiin booda gosoota Nabiyyicha /S.A.W/ wajjiin waraana adeemsisan keessaa tokko kan ta'e) wajjiin gara isaanii tan dhuftee dha. Isaanis uffata isaanii isheef afan. Haqa isheen isaan irraa qabdu tiksuum jechas achi irra teessisan.</p>	
<b>Haliimaa bint Abii Zu'ayb As-Sa'diyyah</b>	<b>Gabrittii Abuu Lahab tan taate Suwaybaa</b>	<b>Haadha Isaanii Aamiinaa</b>					
<b>Shaymah</b>	<p>Ash-Shaymaa'in intala Haliimaatiifi obbolettii Nabiyyichaa (S.A.W) tan hoosisaati. Isheenis tan jiila Hawaazin (banamiinsa Makkaatiin booda gosoota Nabiyyicha /S.A.W/ wajjiin waraana adeemsisan keessaa tokko kan ta'e) wajjiin gara isaanii tan dhuftee dha. Isaanis uffata isaanii isheef afan. Haqa isheen isaan irraa qabdu tiksuum jechas achi irra teessisan.</p>						

Kunuunsitota Isaanii	Ummu Ayman	<p>Ummu Ayman maqaan ishee kan bira Barakaa Al-Habashiyaa dha. Nabiyichis (S.A.W) ishee abbaa isaanii irraa dhaalanii jiru. Isheenii haadha isaan guddifte turte. Nabiyichis (S.A.W) ishee jaalalloo isaanii Zayd Ibn Haarisitti heerumsisan. Ergasii Usaamah Ibn Zaydiin deetteef. Ummu Ayman (R.A) ishee darbiinsa Nabiyichaatiin (S.A.W) booda (guyyoota keessaa gaaf tokko) Abuu Bakri fi Umar (Radiyallaahu Anhumaa) ishee daawwatani dha. Isheenii ni bootte. Jarris “Maaltu si boochisa? Sila wanti Rabbiin bira jiru Ergamaaf irra caalaa mitii?” jedhanii. Isheenii “Dhugumatti wanti Rabbiin bira jiru Ergamaaf irra caalaa ta’uu isaa sirritti beeka. Dhugumatti, Ergamaan Rabbii (S.A.W) gaarummaa keessa turanii mannaa gara gaarummaa isa caaluutti deebi'anii jiru. Haa ta’u malee, ani kan booyuuf ergaan samii irraa ta’e (Wahyiin) gara keenya bu’uu irraa waan addaan citeef” jette. Isaanis booyichaan isiiiti makaman. Haasofni ishee kunis jarris ishee wajjiin akka booyan taasise.</p>
Hojii Isaanii		<p>Nabiin (S.A.W) tiksee ta’uun re’oota eeganii jiru. Kunis obsa isaan qabanif, marartaa dadhabdoottaa muldhisanifi waa’ee isaaniitis itti gaafatamummaa baadhachuu aarsaa kafalanifi sababa tokko ture. Ergamaan Rabbiiis (S.A.W) akkana jedhanii jiru: “Tiksee re’ootaa kan ta’e yoo ta’e malee Rabbiin nabiyii biraa hin ergine” jedhan. Hiriyooottan isaaniitis (R.A) “Isinis moo?” jedhanii gaafatan. Isaanis ennaa deebisan “Eeyyeen! Anis kafaltii kaaraatiwwan muraasaatiin namoota Makkaatiif re’oota tiksee jira” jedhan.</p>
Daldala fi Bultii Isaanii		<p>Nabiyichi (S.A.W) waytii umuriin isaanii wagga 25 gahetti, hojii daldalaatiif jedhanii gara Sooriyyaa imala bahan. Busraa wajjiinis karaa irratti wal ga’an. Sanaan boodas ni deebi'an. Xumura deebisaa isaanii irrattis niitii isaanii tan jalqabaa tan taate Khadiijaa Bint Khuwaylidiin (Radiyallaahu Anhaa) fuudhan.</p>
Adeemsa Ka’ibaa Ijaaruu		<p>Nabiin (S.A.W) umuriin isaanii wagga 35 yeroo gahetti Ka’ibaan diiggamee ture. Waan kana ta’efis Qurayshonni deebisanii ijaaruuf ka’an. Gosoonni Qurayshii adda addaatis Ka’ibaa gar gar qoqqodamanii ijaaruuf waliif galan. Tokkoon tokkoon isaaniituu kophaa kophaa rogootta adda fudhatan. Yeroo ijaarsi isaatis roga dhagaacha gurraacha bira gahutis dhimma gara bakka isaatti eenyu haa deebisu jedhu irratti wal dhabdeen uumame. Haaluma kana irrattis guyyoota afur yookiin shan turan. Sanaan booda namni gama balbala Masjiidaatiin jalqaba irratti seenu gidduu isaaniitti murtoo akka kennuuf waliif galan. Namni jalqaba irratti seenes Muhammad (S.A.W) ture. Gidduu jaraattis murtoo akka kennu taasisan. Isaanis uffanni akka dhufu ajajan. Dhagichas achi irra kaayan. Ergasii hanga dhagichi bakka isaa bira gahutti gosti hundinuu qaccee uffatichaa qabatanii akka baadhatan taasisan. Ergasii matumti isaanii dhagicha gurraacha fuudhanii bakka isaa irra kaayan.</p>
Kophaa Bahuu		<p>Haati teenya Aa’ishaan (R.A) akkana jettee jirti: “Kophaatti bahuun (Al-Khalaa’i Nabiyicha /S.A.W/) biratti jaalatamaa taasifamee jira. Waan kana ta’efis gara holqa Hiraa’i ni sookku; achis ni turuu ture. Achittis halkanoota lakkooftsi isaanii beekamuuf (Rabbiti kophaa) gabbaruu ture.” Akkuma kana Nabiyicha (S.A.W) biratti waaqayyooliifi amantiin ummata isaaniitis jibbamaa taasifamee jira. Isaan biratti wanti wantoota kanneen caalaa jibbamaa taasifames hin jiru.</p>



## Jalqabbii Mul'ataa

Nabiyyichi (S.A.W) waytii umuriin isaanii waggaa 40 guutetti ifnanni nabiyyummaa isaan irraa calanqisee ni muldhataa ture. Rabbiin Oltahes gaafa Dafnoo ergaa Isaa isaan irratti buusuun isaan ol kaase.

### Nabiyyummaa Isaanii

Aa'ishaan (R.A) akkana jette: "Ergamaan Rabbii (S.A.W) nabiyyummaan dura akka ittiin eegalaniin wanti ittiin godhame yoo jiraate mul'ata keessa kan ta'e gama abjuu gaariitiin ture. Kanaafuu abjuun isaanii akka ifnana barraaqaa ganamaa dhugaa ta'ee kan dhufu yoo ta'e malee hin arganuu ture. Ergasii kophaaati bahuun isaan biratti jaalatamaa taasifame. Egaa gara holqa Hiraa'iitti sookkuun isa keessas ni turuu ture. Ergasii gara mana isaaniitti osoo hin galiniifi dhalee qabatanii osoo hin imalini duratti qixa halkanoota lakkooftsi isaanii bikkaan beekamuuf gabbaru. Ergasii bakka isaan holqa Hiraa' keessa jiranitti hanga dhugaan gara isaanii dhufutti gara Khadiijaa deebi'u; kaayyooma wal fakkataafis dhalee qabatanii imalu. Malaa'ikaan gara isaanii dhufuudhaan 'Iqraa'i ykn dubbisi' isaaniin jedhe. Isaanis 'Ani dubbisu hin danda'u' jedhaniin. Ergasii akkana jedhan: 'Malaa'ikichi na qabe; ergasii cinqamni koo hanga fiixee gahutti na hacuuce. Ergasii deebi'ee dubbisi' naan jedhe. Anis 'Dubbisu hin danda'u' jedheen. Ergasii na qabeetiin hanga cinqamni koo fiixee gahutti yeroo lammaffaatiif na hacuuce. Ergasii gadi na lakkise. Ergasii '(Yeroo sadaffaaf) dubbisi' naan jedhe. Anis dubbisu hin danda'u jedheen. Ergasii na qabe; yeroo sadaffaafis na hacuuce. Ergasii gadi na lakkise. Ergasii akkana naan jedhe: "Maqaa Gooftaa keetii Isa (waan hunda) uumeetiin dubbisi. (Maqaa Gooftaa) keetii Isa ilma namaa dhiiga itite irraa uumeetiin. Dubbisi; Gooftaan kee akkaan arjaa ennaa ta'u. Isa galamaan nama barsiiseen. Ilma namaa waan hin beekne hundaa kan beeksiseen." (Al-Alaq 96:1-5)

Ergasii Ergamaan Rabbii (S.A.W) onneen isaanii dhayataa keeyattoota Qur'aanaa kanneenis qomatti qabatanii gara manaat deebi'an. Gara mana Khadiijaa Bint Khuwaylid seenuudhaan "Natti haguuga! Natti haguuga!" jedhan. Hanga sodaan isaan irraa galuuttis isaanitti uffisan. Khadiijaattis waan uumame hundumaa erga himaniin booda "Dhugumatti, ani lubbuu kootiif sodaadhee jira" jedhaniin. Khadiijaanis "Hin ta'u! Rabbitti kakadha! Rabbiin gonkumaa isin hin salphisu. Dhugumatti, isin firummaa sustu; gargaaraa maleessa ni baattu; hiyyeessa ni mindeessitu; keessummaa ni qubachiiftu; namoota balaan cimaan irra gahes sirri gargaartu" jetteen. Ergasii Nabii (S.A.W) qabattee gara Waraqaa Ibn Nawfal Ibn Asad Ibn Abdul Uzzaa – gara ilma eessuma Khadiijaa ta'eetti – fidde. Innis zabana Jaahiliyyaa keessa nama Kiristiyaanummaa fudhate, nama kitaaba Ibraaysixis barreessu ture. Hamma Rabbiin isaaaf heyyames Injiila Ibraaysixiin barreessa. Manguddoo umuriin isaa deeme waan ta'eef ifnanni ija isaatis badee jira. Khadiijaanis (R.A) "Yaa ilma eessuma kiyyaa! Mee waan ilmi obboleessa keetii haasa'u caqasiif" jetteen. Waraqaanis "Yaa ilma obboleessa kootii! Wanti argite maalii dha?" jedheen. Ergamaan Rabbitis (S.A.W) waan argan hundaa itti himan. Waraqaanis "Kun malaa'ikaa Rabbiin Muusaa irratti buusee dha; maaloo hawwii koo! Maaloo osoo waytii kana targaggo ta'een jira ta'ee? yaa hawwii koo! Yeroo ummattoonni kee biyya kee irraa si ari'atanitti lubbuun jiraadha ta'ee?" jedheen. Ergamaanis (S.A.W) "Isaan biyya koo irraa na baasuuf jiruuyi?" jedhaniin. Innis "Eeyyeen! Namni tokkos akaakuu (ergaa) ati qabattee dhuftee qabatee hin dhufnee ummattoonni isaa isa diina ofii godhatanii kan qabatan yoo ta'e malee. Osso yeroon kee ana bira gahee, silaa gargaarsa cimaa ta'ee siif godhaa ture" jedheen. Ergasii Waraqaan osso baay'ee hin turre du'e. Ergaan samii irraa ta'es yeroo muraasaaf addaan cite.

## Nabiyyummaa Isaanii

Nabiyyichi (S.A.W) akkana jedhanii jiru: "Bakka ani deemaa jirutti tasa samii irraa sagalee dhagahe. Anis gara samii ol jedhee ilaale. Yeroo kanatti malaa'ikaa holqa Hiraa'itti natti dhufe san teessoo samiifi dachii gidduu baldhatu irra taa'ee arge. Isa irraayis nan sodaadhe. (Gara manaattis) deebi'ee 'Natti uffisaa! Natti uffisaa!' jedhe. Rabbiin Oltahes keeyattoota Qur'aanaa armaan gadii kanneen buuse:

*"Yaa mammarataa! Ka'ii akeekkachiisi. Gooftaa keetis guddisi. Uffata keetis qulqulleessi. Taabotaanis oodi."* (Al-Muddassir 74:1-5)

Kanaan booda ergaan samaawaa (Wahyiin) itti cimaatiifi wal hordofaa bu'uu isaa itti fufe."

## Sadarkaalee Mul'ata Samaawaa

### 1/ Abjuu Dhugaa

Kunis haala ergaan samaawaa Nabiyyicha (S.A.W) irratti bu'uu ittiin eegalee dha. Haati teenya Aa'ishaan (R.A) akkana jettee jirti: "Akka bakkalcha obboroo (ifaa ta'ee gochaan hojii irra oolee) kan dhufu malee abjuu biraan hin arganuu ture."

### 2/ Qajeela Onnee Isaanii Irratti Buusuuu

Al tokko tokko Nabiin (S.A.W) malaa'ikaa osoo hin argine inni garuu isaan waliin gama afuuraafi qalbii isaaniitiin walga'aa ture. Akkanas jedhaniiru: "Hafuurri amanamaan (Jibriil) afuura koo keessaan natti afuufe; akkanaafi akkasis jedhee natti hime ...."

### 3/ Malaakaan Fakkaattii Namaatiin Mul'atuu Isaa

Nabiin (S.A.W) akkana jedhaniiru: "Al tokko tokko malaa'ikichi fakkaattii namaatiin fakkeeffamee gara koo dhufetiin anas ni dubbisaa ture. Anis waan inni dubbatu nan hubadhaa ture." Ennaa malaa'ikichi haala kanaan mul'ataa turettis yeroo tokko tokko hiriyyottan isaanii ni arguu ture.

### 4/ Akka Bilbilaa Bilbil Jedhuu

Ergamaan Rabbi (S.A.W) akkana jedhaniiru: "Al tokko tokko (malaakaan) bifaa bilbila bilbil jedhu irra ta'eetiin natti dhufaa ture. (Mul'anni akaakuu) kanaatis ana irratti hundumaa caalaa akkaan ulfaataa ture. Ergasii waan natti hime erga qabadheen booda haalli kunis gadi na lakkisaa ture." Aa'ishaan (R.A) akkana jechuudhaan itti dabalte jirti: "Nabiin (S.A.W) guyyaa akkaan qabbanaa'aa ta'e keessa mul'anni samaawaa ennaa isaaniif mul'ifamu argeen jira. Cinqamni sun hundinuu ennaa isaan gadi lakkisuufi kallacha isaanii irraayis dafqi ennaa coccoubi hubadheen jira." Akkuma kana mul'anni ennaa isaaniif bu'u yoo horii yaabbii irra jiraatan horiin sun ni jilbeeffataa ture.

### 5/ Dana Isaa Kan Uumamaa -tiin

Al tokko tokko Nabiin (S.A.W) mul'ata samaawaa yoo fudhatan malaa'ikicha dana isaa kan uumamaatiin ni arguu ture. Sanaan booda qixa Rabbiin isaaq heyyameen mul'ata isaaniif buusaa ture. Kunis akkuma Rabbiin Suuratur Najmi keessatti eeretti yeroo lama isaan irratti argamee jira.

### 6/ Mul'ata Qajeela Rabbiin Irraa Ta'e

Kunis haala Rabbiin kallattiidhaan ergaa Isaa isaan irratti itti buuse ennaa ta'u, kunis kan ta'e samiiwwan torbaan olitti halkan ol fuutamaa (Laylatul Mi'raaj) keessa ture. Salaataafi dhimmoonni fakkaatoonis dirqama taasifamanii kan tumaman akaakuu mul'ata kanaatiin ture.

### 7/ Haasawa Rabbi Dhagahuun

Kunis akkuma Rabbiin Oltahes Muusaa (Alayhis Salaam) kallattiidhaan dubbise hundaa isaanis bakka malaa'ikaan wal qunnamsiisu hin jirretti waytii Rabbiin Oltahes kallattiidhaan isaan dubbisetti kan argamee ture.

### Mul'ata Jalqabaa

Mul'anni Nabiin (S.A.W) irratti yeroo jalqabaatif buufame keeyyattoota Suuratul Alaq isaannan jalqabaa shanan kanneeni: “*Maqa Gooftaa keetii Isa (waan hunda) uumeetiin dubbisi. (Maqa Gooftaa) keetii Isa ilma namaa dhiiga itite irraa uumeetiin. Dubbisi; Gooftaan kee akkaan arjaa ennaa ta'u. Isa qalamaan nama barsiiseen. Ilma namaa waan hin beekne hundaa kan beeksiseen.*” (Al-Alaq 96:1-5)

### Sadarkaalee Da'iwa Isaanii

- |   |                            |             |
|---|----------------------------|-------------|
| 3. Aanaa Akekkachiis  | 2/ Firoota Dhihoo Akekkach | 1/Nabiyyumm |
| 4/ Namoota tanaan dura akekkachiisaan homaatuu hin dhufin hundumaa akekkachiisuu – kanneen Araboota hunduma                               |                            |             |
| 5/ Hanga guyyaa xumuraatti jaanniifi hortee ilma namaa keessaa ta'ee qaama waamichi (da'iwaan) isaanii gahe guutummaan akekkachiisuu dha. |                            |             |

### Gulantaalee Da'iwa Isaanii

- |  |
|--|
| 1/ Da'iwa Iccitii: kun akkuma ergamaniin waggoottii sadiin jalqabaatiif kan itti fufe ture.  |
| 2/ Da'iwa Iftoomaa: kenis yeroo Rabbiin Oultaheen akkana akka godhan ajajamanitti ture: “Waan itti ajajamte ifatti labsi; Mushirikoota irraayis garagali” (Al-Hijri 15:94) |

### Amanoota Duraa

- |   |   |
|---|---|
| Warra dhiiraa – Abuu Bakr As-Siddiq     | Dubartoota keessaa – Khadijaa Bint Khuwaylid          |
| Ijoollee keessaa – Alii Ibn Abii Xaalib | Namoota walaba taasifaman keessaa – Zayd Ibn Haaeisaa |
| Gabroota keessaa – Bilaal Ibn Rabaah    |   |

### Warra Islaamummaan Dursan Keessaa Garii

Amanoota adda duroota armaan olitti eerreen booda Nabiyyichatti (S.A.W) amanuuf miseensonni maatii isaanii isaannan jalqabaa turan. Ergasii Usmaan Ibn Affaan, Xolhaa Ibn Ubaydillaah, Az-Zubayr Ibn Al-Awwaam, Sa'id Ibn Abii Waqqaaas, Abdur Rahmaan Ibn Awf, Khabbaab Ibn Al-Aratti, Suhayb Ar-Ruumii, Ammaar Ibn Yaasir fi haadha isaa Sumayyaa, Abuu Ubaydaa Aamir Ibn Al-Jarraah, Usmaan Ibn Maz'uun, Abuu Salamaa Ibn Abdul Asadi fi Utbaa Ibn Gazwaan (Radiyallaahu Anhum ajma'iin) ni eeramu.

## Boqonnaa Makkaa

### Gantoonni Nabii (s.a.w) fi Sahaabota Hiraarsuu Isaanii

Gabbartooni waaqayyoolii yeroo dhugummaa Da'iwaa Nabiyyichaa (S.A.W) hubataniifi namoonnis naannawa isaaniitti walitti qabamuu isaanii organitti amanoota irratti hiraarsiwwan keessa hiraarsii hamaa dhaqqabsiisuu eegalan. Daandiiwan amanoota ittiin hiraarsaa turan keessaayis gar tokkeen isaanii:

- Nabiyyichi (S.A.W) falalaa yookiin tolchaa akka ta'e labsuun oduu sobaa tamsaasaa namoonni marsaa isaanii irraa akka dheessaniifi akka isaan sodaatan gochuu
- Isaan maraattuu akka ta'an labsuun oduu sobaa tamsaasaa kanaanis namoonni isaan gowwaakka ta'an amananii akka fudhatan taasisuu
- Isaan kijibaa akka ta'an labsuun oduu sobaa tamsaasuu, haa ta'u malee kun harkaa kufe; sababani isaatis Nabiyyichi (S.A.W) dursaniitiin isaan biratti dhugoomummaafi imaananaa eegdummaa isaanii irraa kan ka'een Al-Amiinummaan (amanamaa ta'uudhaan) ni beekamuu ture waan ta'eef.
- Nabiyyichaa (S.A.W) fi ergaa isaanii qabatanii dhufan irratti baacuu, qoosuu
- Dhawaata Nabiyyichi (S.A.W) namootaa Da'iwaa gochuuf dhufan hundaa jeequmsaafi gaagama uumuudhaan namoota mul'ata samaawaafii haqa irraa ergaa isaan qabatanii ittiin dhufan caqasuu irraa uggruu
- Hulaawan bahiinsa Makkaa irra ta'anii Umraaf ykn Hajjiif ykn dhimmoota lamaan ala jiraniif nama gara Makkaa dhufu simatanii Nabii (S.A.W) irraa akeekkachiisuu
- Nabiyyicha (S.A.W) irratti miidhaa qaamaa geessuu; akkuma Uqbaa Ibn Abii Mu'iix yeroo tokko hanga Abuu Bakr (Radiyallaahu Anhu) gahanii isaan irraa deebisanitti Nabiyyicha (S.A.W) uffata isaaniitiin danqee qabee isaan harkisaa yeroo isaan hudhamuuf dhihaatan ta'e sanitti. Yeroo biraa immoo dildhuu gaalaa Nabiyyicha (S.A.W) irratti darbe. Ergasii intalli isaanii Faaximaan isaan irraa kaaftee gatte.
- Nabii (S.A.W) ajjeesuuf koratuu isaanii; kunis kan ta'e gara abbeeraa isaanii Abuu Xaalib dhihaatanii Nabiyyicha (S.A.W) Amaaraa Ibn Al-Waliidiin akka isaaniif geddaraniifi ergasii immoo isaan fudhatanii ajjeesuuf koratanii gaafatanitti ture. Akkuma kana yeroo Nabiyyichi (S.A.W) baqannaabahuuf yaadanittis isaan ajjeesuuf yaalii godhanii turan.
- Amanoota keessaa warra humna maleeyyi ta'an adabbiin hiraarsuufi haala hamaan rakkisu, kunis akkuma garaa Bilaal irratti kattaa kaayanitti, akkuma kana maati Ammaar irratti akkuma hoijjetanittiifi kanneen biroowwan irrattis akkuma hoijjetan ture

Baqannaab  
Gara  
Habashaa  
Taasifame

Yeroo lakkoofsi amanoottaa dabaleefi gabbartooni waaqayyoolis Muslimoota sodaachuu eegalanitti miidhaafi hiraarsiin amanoota irra gahaa turee haala hamaa ta'en itti finiine. Kanaafuu Muslimoonni gara Habashaatti akka baqataniiif jecha Nabiyyichi (S.A.W) isaaniiif heyyaman. Akkanas jedhan: "Dhugumatti (Habashaa) keessa mootii namoonni isaa biratti hin miidhamnetu jira."





<b>Baqannaa Gara Habashaa</b>	<b>Baqannaa Duraa</b>
<b>Baqannaa Lammafa</b>	Baqannaa duraa irratti dhiirran 12 fi dubartoonni 4 gara Habashaa baqatan. Isaan keessaayis inni tokko Usmaan Ibnu Affaan (R.A) turan. Isaanis nama jalqaba irratti baqannaa bahan turan. Isaan waliinis haati warraa isaanii Ruqayyaan, intala Nabi (S.A.W) tan taate turt. Isaanis ollummaa akkaan gaarii ta'een dachii Habashaa keessa jiraachuu eegalan. Ergasii oduun Qurayshonni Islaamummaa fudhatanii jiru jedhu isaan dhaqqabe. Haa ta'u malee kun oduu sobaa ture. Ergasii gara Makkaa deebi'an. Yeroo deebi'anittis haalli issa kan duraan keessa turan caalaa hammaataa ta'e. Isaan keessaayis kanneen gara Makkaa deebi'an gidduu gariin isaanii lamuu gara Habashaa deebi'an. Gareen biraam immoo gara Makkaa fulla'ee galuun gama Qurayshotaa irraa miidhaa akkaan hamaa keessummessaa ture. Amanoota Habashaa irraa deebi'anii gara Makkaa galan keessaa Abdullaah Ibn Mas'uud (R.A) isa tokko turan.
<b>Islaamayuu Umari fi Hamzaa</b>	Yeroo kanatti warri dhiiraa 83 fi dubartoonni 18 baqannaa kan bahan yoo ta'u, isaanis mooticha An-Najaashii bira haala gaarini qubatan. Oduun kunis Qurayshota bira gahe. Sanaan booda Muslimoota kanneen mooticha An-Najaashii wajjiin walitti buusuu irratti kora akka koraniif jecha Qurayshonni Amr Ibn Al'Aas fi Abdullaah Ibn Abii Rabii'aa tuuta guuttamaa wajjiin ergan. Haa ta'u malee, Rabbiin Oaltahe kora jarraa fuuluma isaanii irratti deebise (shirri xaxan jalaa fashalaa'e)
<b>Sulula Abuu Xaalib</b>	Nabiin (s.a.w) nabiyummaan ergamanii waggaan 6ffaa irratti abbeeraa Nabii (s.a.w) kan ta'an Hamzaa Ibn Ibdul Muxxalib Islaamummaa fudhatan. Hamzaan adda duree jagnoota Qurayshii jedhamuun beekamu. Rabbiinis gama Hamzaatiin Ergamaa Isaa (s.a.w) humna qabeessa taasise. Ergasis barakaa Du'aa'iil Nabiitiin (s.a.w) Umar Ibnu Khaxxaabis Islaamummaa fudhatan. Yeroo kanas amanoonni humna argatan: hubaatii Ouravshotaa ialaavis baraaarsifaman.
<b>Du'aatii Abuu Xaalibi fi Khadijijaa</b>	Midhaan gama Qurayshotaa irraa Nabiyyicha (S.A.W) irra gahu ittumaan hammaataa adeeme. Qixa woggootii sadih ta'uufis Nabiyyichaa (S.A.W) fi maatiwwan isaanii daandii gaaraa kan Abuu Xaalib gidduutti kophaa baasanii itti ugguran. Abdullaah Ibn Abbaasis kana dhalatan daandii gaaraa kana irratti ture. Yeroo kanattis gabbarootni waqaayyoolii Nabiyyicha (S.A.W) irratti miidhaa ol aanaa dhaqqabsiisan. Umuriin isaanii ennaa waggaan 49 ta'uttis Nabiyyichi (S.A.W) iddo gaarren lamaan gidduutti uggaramanii jiraataa turan keessaa cabsanii bahan.
<b>Gara Xaa'if Imaluu Isaani</b>	Iddoo itti uggaramanii jiraataa turan keessaa bahanii baatiwwan muraasaan booda abbeeraa Nabiyyichaa (S.A.W) kan ta'an Abuu Xaalib umurii isaanii waggaan saddeetamii torba irratti addunyaa tana irraa du'aan gar gar bahan. Sanaan boodas turtii yeroo gabaabatiin boodas Khadijijaanis du'aan isaan irraa gar gar baate. Yeroo kanattis miidhaan gara gabbaroota waqaayvoolii irraa isaan irra qahaa ture hammaatee itti fife.
	Nabiyyichi (S.A.W) Zayd Ibn Haarisaa wajjiin ta'anii gara Rabbiitti Oaltaheetti waamicha godhuuf jecha gara Ax-Xaa'if qajeelan. Achittis guyyoota muraasa turan. Haa ta'u malee, jiraattooni ishee ergaa isaan itti dhufan kufaa taasisan. Inumaa iyuu Nabiyyicha (S.A.W) irratti hubaatii geessan. Biyya ofii irraayis isaan ari'atan. Hanga koronyoon isaanii dhiiguttis dhagaachaan isaan reeban. Nabiyyichis (S.A.W) gara Makkaa deebi'uuf jecha isaan irraa fuulaan jooranii deebi'an. Ergasii waadaa eegumsaa Al-Mux'im Ibn Adiyyi jala galanii gara Makkaa seenan.



Islaam- ayuu Addaas	Nabiyyichi (S.A.W) imala isaanii kan dhaqaafi gala Xaa'ifii irratti karaa isaanii irratti Addaas wajjiin wal ga'an. Innis nama Kiristiyaana ture yoo ta'u, isaanittis ni amane; isaan nama dhugaa ta'uunisaaniitis isaaniif raggaasise.
Amanuu Jinnootaa	Akkuma kana Nabiyyichi (S.A.W) daandii isaanii irratti iddo Nakhlaa jedhamu irratti gartuuwwan jaannota irraa ta'anis fuulaan gara isaanii garagalan. Isaan gidduyis torban isaanii warra Nasibiiin irraa turan. Isaanis Qur'aana caqasan; Islaamummaas ni fudhatan.
Imala Halkaniittiif fi Ol Fudhatamuu	Ergasii Nabiyyichi (S.A.W) hafuuraafi foon isaaniitiin imala halkaniittiin gara masjiida Al-Aqsaatti fudhataman. Ergasii immoo hafuuraafi foon isaaniitiin gara Rabbii Oultaheetti samiwwan torbaan olitti ol fudhataman. Rabbiin Oltahes Nabiyyicha (S.A.W) kallatiidhaan dubbise. Salaattoota guyyuu shananis dirqama taasissee isaan irratti tume.
Islaamummaa Gosoota Adda Addaatiif Dhiheessuu Isaanii	Ammas Nabiyyichi (S.A.W) Makkaa keessa jiraachuu isaanii ittuma fufanii jiru. Achis hanga jiranitti gosoota adda addaa gara Rabbii Oultaheetti ni waamuu ture. Yeroo irraa gara yerootti gara isaanii dhaqaa ergaa Gooftaan isaanii hanga geessanitti akka isaan ofitti siiqsaniifi duubdeebii kanaanis Jannataan akka mindeeffaman itti himuu ture. Haa ta'u malee, gasti naannawa Makkaa tokkos isaan irraa hin fudhanne. Rabbiin Oltahes karaamaa (kabaj a kana - kennaa Islaamummaa) Ansaarotaaf tiksee tursiise. (Bu'uruma kanaan bakka isaan Makkaa keessa jiranitti) warra Ansaar gidduu ergaan Islaamummaa jahan isaaniiftiif gahe. Isaanis waamicha Rabbiitiifi Ergamaa Isaatiif deebii kennan. Gara Madiinaattis deebi'an. Islaamummaanis isaan gidduutti hanga tatamsa'uufi manneen Ansaaraan keessaa kan maqaan Ergamaa Rabbii (S.A.W) keessatti dhahamu malee kan biraahangahin jiraanetti ummattoota isaanii gara Islaamummaa waaman.
Ansaarotaafi Waadaa Aqabaa	Ergasii waggaatiti aanutti Ansaarota irraa kanneen ta'an namoonni 12, isaan gidduyis shanan isaanii namoota jahan jalqabaa keessaa yoo ta'an, Makkaa dhufanii Aqabaa (Minaa) irratti jecha waadaa dubartoota sababa isaaniitiin Suuratul Mumtahinaa ittiin buute irratti ta'anii Nabiyyichaaf (S.A.W) waadaa amanamummaa raawwataniif. Ergasii jarri gara Madiinaa deebi'an galan.
Waadaa Amanamummaa Isa Duraa	Waggaatiti aanutti warri dhiiraa 73 fi dubartoonni 2 gara Nabiyyicha (S.A.W) dhufuudhaan, isaanis namoota waadaa xumuraa ennaa ta'an, akkuma dubartoota, ijoolleefi lubbuuwwan ofii hubaatii irraa ittisan hundumaa Ergamaa Rabbiitiifis (S.A.W) ittisa taasisuuf jedhanii waadaa amanamummaa raawwatatan. Kanaan booda Ergamaan Rabbii (S.A.W) hiriyyoota isaanii wajjiin ta'anii gara Al-Madiinaa imalan. Isaan gidduyis adda duroota 12 filatan.
Waadaa Amanamummaa Isa 2ffaa	



## Boqonnaa Madiinaa

### Heyyamamu Baqanna

Booda irratti Ergamaa Rabbii (S.A.W) tiifi hiriyyoottan isaaniitiifis gara Al-Madiinaa akka baqatan isaaniif heyyamame. Kanaafuu isaanis xiyyeffannoonaan issaan irratti akka hin godhamneef jecha dhoksaan daheeffataa Makkaa bahuu eegalan. Isaan gidduuyis inni jalqabaa Abuu Salamaa Abdul Asadii Al-Makhzumii ture jedhamee jira. Mus'ab Ibn Umair tures jedhamee jira. Kan ta'e ta'ee, amanoonni gar gar qoqqodamaa (gar tokkee gar tokkee) ta'aa gara Ansaarotaa qajeelean. Ansaaronnis jara ofitti siiqsan. Isaanis gargaaran. Islaamummaanis Al-Madiinaa keessatti tatamsa'e.

Booda irrattis Ergamaa Rabbii'ifis (S.A.W) baqannaan heyyamameef. Isaanis gaafa Dafnoo, baatii Rabii'ul Awwal keessa baqannaaf jecha Makkaa keessaa bahan. Yeroo kanattis umuriin isaanii waggaa 53 ture. Isaan wajjiinis Abuu Bakr, tajaajilaa Abuu Bakr kan ta'e Amir Ibn Fuhayraafi daandii hoogganaa isaanii kan ta'e Abdullaah Ibn Urayqix Al-Laysii turan. Nabiyyichaa (S.A.W) fi Abuu Bakris gara holqa Sawri seenan. Achi keessas guyyoota sadih turan. Sanaan boodas gama daangaa baahraatiin imala isaanii itti fufan.

Madiinaa  
Galuu  
Isaanii

Nabiyyichaa (S.A.W) fi namoonni isaan wajjiin turan yeroo Madiinaa gahanitti – guyyaan isaa Dafnoo yoo ta'u, baatii Rabii'ul Awwal irraa guyyooni 12 darban jiran yoo ta'u – Banii Amr Ibn Awf bira, olka'ee Madiinaa kan ta'e Qubaa'i irra qubatan. Isaan biras guyyoota 14f turan.

Islaama  
Keessatti  
Masjida  
Duraa

Nabiyyichi (S.A.W) akkuma Madiinaa galaniin Masjiida Qubaa'i ijaaran. Kana wajjiin wal qabatee Ibnu Umar (R.A) akkana jedhanii jiru: "Nabiyyichi (S.A.W) Sanbata Xiqqaa hundaa miila isaaniitiin tarkaanfataa yookiin beylaada isaanii kan yaabbiitiin gulufaa gara Masjiida Qubaa'i ni dhufuu ture." Nabiyyichis (S.A.W) akkana jechuun isaaniitis gabaafamee jira: "Salaanni Masjiida Qubaa'i keessatti sagadamu akkuma waan Umraa godhuuti."

Masjida An-Nabawwi  
Ijaaruu Isaanii

Sanaan booda Nabiin (S.A.W) gaala isaanii tan dhaltuu yaabbatanii daandiiwan Madiinaa keessa imaluu eegalan. Namoonni Madiinaatis isaan dhaqanii jara bira akka qubatan gaafachuudhaan isaan dubbisuu ture. Lugaama gaala isaaniitis ni qabuu ture. Isaanis "Isheen (eessa qubatuu akka qabaattu) ajajamtee jirti waan ta'eef daandii ishee gadi dhiisaafii" jedhuu ture. Gaalattiinis bakka har'a masjiidni isaanii jiru kana ennaa geettu jilbiiffatte. Bakki sunis (iddoo dhaabbi gaallaniifii beyladoota biroowwanii ennaa ta'u) Banii An-Najjaar keessaa kan ta'an, ijoollee lamaa Sahlfii Suhayl jedhaman lafa qabiyee isaanii ture. Sanaan booda fulleel mana Abuu Ayyuub Al-Ansaarii ennaa gahan gaala isaanii irraa bu'an. Sanaan booda Nabii (S.A.W) fi hiriyyoottan isaanii achuma (bakka dhaabbi gaallaniifii san irratti) bilokeettii dhoqqee irraa ta'eeniifi baala zambaabaatiin masjiida isaanii (Masjid An-Nabawwi) ijaaran. Kana aansuunis Nabiin (S.A.W) mana isaaniitiif manneen niitolee isaanii duubee masjidaatiin ijaaran. Manneen keessayis irra caalaa gara Masjiida dhihoo kan ture mana haadha teenya Aa'ishaa ture. Ergasii baatiwwan torbaan booda mana Abuu Ayyuubii bahanii gara mana isheetti galan.



Obbolum-maa Islaamaa	Erga masjiida ijaaraniin booda Nabiyyichi (S.A.W) Mahaajiroota (baqattoota), isaannan lakkoofsaan 90 turaniifi Ansaarota (isaannan Muhaajirota irraa dachaa hedduun caalan) gidduutti obbolummaa Islaamummaa uuman. Isaanis hanga duula Badriitti inni tokko isa kaan dhaalaa ture.
Yahuudota	Yeroo Nabiin (S.A.W) gara Madiinaa dhufanitti Yahuudonni isaan arganiiru. Isaanis Ergamaa Rabbii isa dhugaa ta'uunisaanii beekaniiru. Isaanis Ergamaa isaan biratti simboowwan isaanii Tawuraata keessatti barreeffamee argatan ta'uunisaanii bira gahaniiru. Garuu dhugaan kun bakkuma egggamee jirutti Yahuudota keessaa gartuuwwan muraasa malee jarri biroo Islaamummaa hin fudhanne. Muraasota keessaayis inni tokko irra caalaa beekaafi irra caalaa hayyuu isaanii kan ta'e Abdullaah Ibn Salaami. Garuu Nabiin (S.A.W) gosoota Yahuudaatiif walii galtee waadaa mataa isaa danda'e godhaniif. Gosoonni kenneen Banuu Qaynuqaa'i, Banuu An-Nadiir fi Banuu Qurayzaa turan.
Geddaramuu Qiblaa	Waytii imala halkanii Salaanni dirqama godhamtee erga tumamteen booda Nabiin (s.a.w) gara Baytal Maqdiis garagalaniif sagaduu ture. Garuu Qiblaan isaanii gara Ka'ibaa isaaniiif akka jijiiramu ni barbaaduu ture. Kanuma hawwuun fuula isaanii gara samii joorsiisuu ture. Kanaafuu Rabbiin keeyyata Qur'aanaa armaan gadii isaan irratti buuse: " <i>Dhugumatti, gara samii deddeebi'uun fuula keetii arginee jirra. Gara Qiblaa ati jaallattuu si deebisuuf jirra. (Ammuma) fuula kee gara Masjid al-Haraam (Ka'ibaatti) garagalchi. Eessallee yoo taatan fuula keessan gara isaa gara galchaa</i> " (2:144) Kanaafuu Hijraan booda waggaa 2ffaa irratti Nabiin (S.A.W) Qiblaa isaanii gara Ka'ibaa joorsisan.
Heyyamamuu Qabssoo	Nabiin (S.A.W) Al-Madiinaa An-Nabawiyyaa keessa erga qubataniin boodaafii Ansaaronnis isaanif eegumsa namummaa erga taasisan booda Rabbiin Oultahe keeyyattoota Qur'aanaa isaannan armaan gadii buuse: " <i>Warra lolaman sababa miidhamuu isaaniitiif heyyamni godhameef. Rabbiinis isaan tumsuu irratti danda'a dha. Isaan warra manneen isaanii irraa haqaan ala waan 'Rabbit keenya Allaaha dha' jedhaniif qofa baafamanii dha.</i> " (Al-Hajj 22:39-40)
Duula Badrii	Bu'uruma kanaanis Rabbiin Oultahe amanootaaf gabbartoota waaqayyoolii isaan waraanan sanneen akka ofirraa lolaniiniif (qabsoo akka taasisaniif) heyyameef. Duula Nabiyyichaa (S.A.W) isaannan duraa keessaayis duulonni Al-Abwaa'i, kan Buwaax, kan Ushiraafi gar tokkeen gara As-Saraavaya godhaman ni eeramu.
	Hijraan booda waggaa 2ffaa irratti baatii Ramadaanaa keessa Nabiin (S.A.W) namoota amanoota irraa ta'anifi isaannan gara dhibba sadiffi homaa homaatti dhihaatan qabatanii Madiinaa irraa bahan. Sababni kanaatis Soriyaa irraa kanneen deebi'an daa'aa daldala Qurayshotaa barbaacha ture. Garuu Abuu Sufyaan karaa biraatiin jooree deemuun daa'aa fe'aa daldala miliqiise. Ta'us shayxaanni Qurayshotaa gowwoomsee isaanis Muslimoota waraantuuf humna isaanii kan waraanaa qabatanii bahan. Haaluma kanaan dameen lamaanuu Badri irratti wal ga'an. Kunis lola Badri isa guddicha ta'e. Lolli Badri isa maqaa isaa kan biraatiin Yawmal Furqaan (Guyyaa Gar gar bahiinsaa) jedhamee kan mooggaafame ture.

Raayyaan waraanaa lamaanuu wal falmachuuf adda waraanaa irratti yeroo wal ga'anitti, Ergamaan Rabbii (S.A.W) of gadi qabuun Gooftaa isaanii cimsanii kudhatan. Kanaafuu Rabbiin isaan wajjiin akka lolaniif jecha amanoota gama Malaa'ikotaatiin jajjabesse. Rabbiinis ummatoota gantootaa irrattis injifanloo isaan gonfachiise. Jecha Isaatis ol aantuu taasise. Lola Badri irrattis gabbartoota waaqayyoolii irraa namoonni torbaatama ajjeefaman. Amanoota keessaa immoo namoonni kudha afur sadarkaa wareegamummaa (shahiidummaa) argatan.



## Duula Qaynu-qaa'i

Waggaa Hijraa sadaffaa irratti namoonni Banuu Qaynuqaa'i waadaa isaanii kan araarri ittiin bu'e diigan. Nabiyyichis (S.A.W) qixa halkanoota kudha shaniitif isaan marfama humna waraanaa jala galchan. Sanaan boodas bu'ura murtoo isaanii irratti harka isaanii kennatan. Nabiyyichis (S.A.W) isaan biyya irraa ari'an. Jarris lakkoofsaan namoota dhibba torba turan.

## Duula Uhud

Duulli Uhud kan adeemsifame baatii Shawwaal keessa yoo ta'u, Qurayshonis mo'amiinsa lola Badri irratti isaan irra gahe haloo bahachuuf jecha humna waraanaa gara namoota kudha sadiitti dhihaatu ammate qabatanii gara Madiinaa dhufan. Nabiyyichis (S.A.W) hordoftoota isaanii keessaa nama dhibba torba qabatanii gara Uhud bahan. Munaafiqonni garuu waraana isaanii irraa humna murtaa'e fotoqsanii qabatanii deebi'an.

Jalqaba waraanaa irratti kubbaan Muslimootaaf taatee turte. Sanaan booda Rabbiin Oultahe Muslimoota mokkaruu barbaadee Ergamaa Rabbii (S.A.W) kophatti baasanii manii haleellaa isaanii hanga taasisanitti kubbaa gara harka Mushirikootaa keessatti deebise. Kanaafuu Mushirikoni kallacha Nabiyyichaa (S.A.W) madeessan. Ilkaan isaanii kan fuulduraatis cabsan. Gaafa san Malaa'ikonni isaan wajjiin lolanii turan. Hiriyyoottan isaanii gidduuyis namoonni torbaatama wareegaman (sadarkaa shahiidummaa gonfatan). Isaan keessaayis Hamzaa Ibn Abdul Muxxalib, Mus'ab Ibn Umayr, Anas Ibn An-Nadr, Hanzalaa Al-Gasiila fi isaannan kanneeniin ala jiranis wareegaman. Gaafa san Nabiyyichi (S.A.W) hanga akkana jedhanitti Abii Xolhaa Ibn Ubaydillaan gootummaa ol aanaan lolan: "Jannanni Xolhaaf tan maltu taatee jirti." Sanaan booda Ergamaan Rabbii (S.A.W) tiifi Muslimoonni lamuu kaayyoodhuma wal fakkaataaf walitti qabaman. Rabbiin Oltahes harka Mushirikootaa isaan irraa dhorke.

Guyyaan Uhud gaafa mokkaramuufi marfamu ture. Rabbiin Oltahes gaafa san Muslimoota mokkore. Munaafiqootas ifatti baase. Namoota fedhes gama shahiidummaan ulfesse. Lolaan booda Qurayshonni Muslimoota guutummaan guututti fiixuu barbaaduun lamuu deebi'anii dhufaa jiraachuu isaanii Nabiyyichi (S.A.W) dhagahan. Kanaafuu Nabiyyichis (S.A.W) amanootaafi warra madaayan dabalatee qabatanii gara kallattii isaanii imalan. Yeroo Muslimoonni Hamraa'al Asad gahanittis gochi isaanii kun Qurayshota bira gahe. Sanaan booda jarri gar gar qoqqodaman. Gara Makkaattis deebi'an.

## Hijraan Booda Wagga 4ffaati

Waggaa Hijraa afrappa irratti iddo Bi'ir Ma'uunaa jedhame irratti taateen tokko uumamee ture. Kunis Sahaabota keessa 70 kanneen ta'an, namoonni Qur'aanaan irra caalaa beekaa ta'an, bakka jarri itti ajjeefaman ta'e. Akkuma kana duulli Banuu An-Nadiir godhamee ture. Isaan kunneenis jara Rabbiin Oultahe onneewwan isaanii keessatti sodaa hanga itti gadi lakkisutti Nabiyyichi (S.A.W) marfama humna waraanaa jala galchanii turan sanneeni. Nabiyyichis (S.A.W) jara Madiinaa keessaa baasan. Suuratal Hashris kan buute jara ilaallattee ture. .

## Duula Al-Muriisi'i

Waggaa Hijraa shanaffaa irratti Nabiyyichi (S.A.W) Banii Al-Musxalqiin loluuf bahan. Abbaa injifannoootis ta'anii deebi'an. Waytii imala kanaa irrattis Tayammumni seera godhamee tumame. Dubbiin kijiba haadha teenya Aa'ishaa (R.A) irratti oofames argame. Kunis kan argame Munaafiqonni haadha Mu'iminoottaa tan taate Aa'ishaa (Radiyallaahu Anhaa) irratti yeroo kijiba oofan ture. Haa ta'u malee, isheen qulqulloftuu qulqulleeyyootaa turte. Kanaafuu Rabbiin Oultahe Suuratun Nuuriin buusee qulqullummaa ishee hanga mirkaneessutti dhimmi kun isheefi Ergamaa Rabbii (S.A.W) irrattis dandamachuuf akkaan itti cimee ture. Yeroo dhugaan isaa ifa bahettis namoonni oduu sobaa asiifi achi oofanis qacceedhaan garafaman.



## Duula Ahzaab (HuHumnota Gamtoome)

Duulli Khandaq (Bo'oo) yookiin duulli Ahzaab kan adeemsifame baati Shawwaal keessa, Hijraan booda waggaa 6ffaa irratti ture. Waytii kanatti Yahuudonni Qurayshotaa wajjiiniifi akkasumas qaama Nabii (S.A.W) fi hiriyyoottan isaanii waraauuf kakuun mirkaneessee waadaa isaanif seenu wajjiin waliif galan. Humni waraana Qurayshotaatis Banuu Sulaym, Banuu Asad, Banuu Fazaarah, Banuu Ashja'i fi humnoota isaaniin ala jiran wajjiinis walitti qindoomee humna waraanaa nama kuma kudhan ammate qabatanii gara Madiinaa dhufan. Salmaan Al-Faarissi (R.A) gama isaatiiin bo'oo (boolla) isaan humna gamtoome irraa ittisu danda'u akka qotaniif jecha Nabiyichaaf (S.A.W) yaada dhiheessan yookiin akeekkii kennan. Nabiyichis (S.A.W) humna waraanaa nama kuma sadih ammate qabatanii waraanaaf bahan. Gaara Sal's is akka gimbii ittisaatti duuba isaanitiin itti fayyadaman. Bo'icha immoo fuldura isaanitiin akka ittisaatti itti fayyadaman. Nabiyicha (S.A.W) wajjiin waliigaltee nageenyaa uumanii jiraataa kanneen turan Baniin Qurayzaatis lammeessoo isaan irraa wabii nageenyaa gaafatan. Yoo hin taane immoo waadaa isaanii kan amanamummaa diiguufi isaanis waraauuf jecha humna waraanaa gamtoome wajjiin walitti makamuuf akka jiran beeksisan.

Sanaan booda Nabiyichi (S.A.W) Na'uym Ibn Mas'uudin gara Banuu Qurayzaatiifi gara humnoota gamtoomeetti ergan. Innis sadarkaa isaanii irra ta'ee isaan wajjiin kora kore. Booda irrattis jidduu isaaniti dubbi babballeesse. Sanaan booda Rabbiin Oultahe raayya bubbee irraa ta'e gara humna gamtoomeetti erge. Bubbeen tunis mooraawwan isaanii diddigde. Meeshaalee soorata itti bilcheefatnis gubbaa isaanii gar gadii garagalchite. Isaanis humna bubbleetiin raafaman. Onneewwan isaanii keessattis sodaa naqxe. Humnoota gamtoomanis bibittinneessite. Xumura irrattis korri sun hundinuu osoo homaa isaan hin fayyadin gara biyya isaaniti deebi'an. Kanaan booda Nabiyichi (S.A.W) gara Banuu Qurayzaa duulan. Dhimma isaanii irrattis murtoo akka kennuuf Sa'id Ibn Mu'aazin muudan. Suuratul Ahzaabis kan buute duuluma Uhud kana ilaachifteetiin.

## Waliigalte Hudaybiyaa

Hijraan boodda waggaa 6ffaa irratti Nabiyichi (S.A.W) hiriyyoottan isaanii kuma tokkoofi dhibba afur ta'an wajjiin Umraa godhuuf yaadanni Madiinaa irraa bahan. Yeroo Al-Hudaybiyaa gahanittis Qurayshonni gara Makkaa galuu irraa isaan dhorkan. Hanga waggoota kudhanittis waliigaltee waraana dhaabuu isaan dandeessisu isaanif akka kennan gaafatan. Kunis akkuma Rabbiin jedhetti Mu'iminitootaaf injifannoo guddaa ta'e: "Nuti injifannoo ifa ta'e si gonfachifnee jirra." (Al-Fath 48:1)

Injifannoolee waliigalteen nagayaa kun argamsiise keessaa waggaa itti aanutti Qurayshonni Muslimootaaf gara Makkaa deebi'anii seenuun Umraa akka godhan heyyamuufii isaaniti. Kunis Zul Qi'idaa keessaa waggaa jahaffaa Hijraatiif Umraa bakka buufanna yookiin 'Umraa Al-Qadaa'i' ta'e.

## Duula Khaybar

Nabiyichi (S.A.W) Hudaybiyaa irraa erga deebi'anii guyyoota 20n booda, gara Khaybar duuluuf bahan. Khaybar Madiinaa irraa gara kaabaatiin tan argamtu ennaa taatu achittis Muslimoonni Yahuudota tilmaamaan guyyoota digdamaaf marfama humna waraanaa jala galchatan. Khaybarin keessattis Muslimoonni qabsaa cimaa adeemsisan. Yahuudonis sababaa haleellaa isaan irra gahuuf jiruutiin akka badan mirkanaa'ota ennaa ta'anitti, Nabiyicha (S.A.W) irraa araara gaafatan. Sanaan booda dhiiga isaanii tiksiiifatanii uffata uffatan qofa fudhatanii akka bahanif waliif galan. Sanaan booda garuu waan dachii isaanii irraa buhu keessaa harka walakkaa isaa kennaa lafa isaanii irratti akka hojetaniif waliif galanii itti gaafatamummaas jaraaf kennan.



Dhufaatii  
Ja'ifar

Nabiyyichi (S.A.W) bakka Khaybariin jiranitti Abuu Hurayaan Muslimata'anii gara Madiinaa dhufan. Ja'ifar Ibn Abii Xaalib, ilma abbeeraa Nabiyyichaa (S.A.W) kan ta'aniifi isaannan isa wajjiin Habashaa keessatti hafanii turanis dhufanii Nabiyyichis (S.A.W) bakkuma Khaybariin jiranitti isaan gammachiisan. Akkuma kana isaan wajjiin Abuu Muusaa Al-Ash'ariifi hiriyyooni isaa dhufanii Muslimoota wajjiin walitti makaman.

Duula Mu'ixaa

Duulli Mu'ixaa kan adeemsifame Hijraan booda waggaa saddeetaffaa irratti ture. Sababni ka'umsa duula kanaatis namni Sharahbil Ibn Amr Al-Gassaanii jedhame, bakka ergamaan Nabiyyichaa (S.A.W) gara Roomaa imalaa jirutti isa ajjeese. Sanaan booda Nabiyyichi (S.A.W) hiriyyoota isaanii keessaa namoota kuma sadih ergan. Jaalalloo isaanii Zayd Ibn Haarisatii adda duree isaanii taasisanii ergan. Akkana jedhanis: "Zayd waraana irratti yoo wareegame, ergasii Ja'ifar Ibn Abii Xaalib namoota ni hooggana. Ja'ifaris waraanicha irratti yoo wareegame, ergasii Abdullaah Ibn Rawaahaan namoota ni hooggana." Mootichi Roomaa Hiraqlifi isa wajjiin kanneen hiriiran gartuuwan gosoota Arabaa humna waraanaa kuma dhibba lama qabatanii duulan. Humnoonni lamaanuu Mu'ixaa irratti wal ga'an. Lollis adeemsifame. Namoonni gama Nabiyyichaatiin (S.A.W) muudamanis ni wareegaman. Sanaan booda Khaalid Ibn Al-Waliid alaabaa Muslimootaa qabate. Innis waraana Muslimootaa haala dinqisiisaa ta'een hooggane. Booddee irrattis Muslimoota marfamiinsa waraanaa kan diinota Rabbiitiifi kan diinota isaanii jalaa bilisatti isaan baasee lamuu bakka tokkotti walitti isaan oabe.

Injifanno Banamiinsa Makkaa Guddicha

Waggama wal fakkaataa keessa Banuu Bakr – isaanis Qurayshota wlii waliigaltee nagayaa kan qaban ennaa ta'u – Banuu Khuzaa'aa – isaan kunneen immoo Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin waliigaltee nagayaa kan qaban yoo ta'an – haleelan. Qurayshonnis haleelaa kana irratti jara icciin gargaaran. Kunis Nabiyyicha (S.A.W) bira yeroo gahutti isaanis Makkaa injifanno banuuuf kutatanii ka'an. Abuu Sufyaanis Nabiyyicha (S.A.W) dubbisuuf gara Madiinaa dhufan. Haa ta'u malee, isaan isa irraa wanta tokkos caqasuuf heyyamamoo hin turre. Kaanaafuu, Nabiyyicha (S.A.W) isaanif akka dubbisaniif jecha Abuu Bakrin, Umarifi Aliyyiin dubbisan. Ammas jarri hundinuu dinne jedhaniin.

Ergamaan Rabbiitis (S.A.W) isaan gara Qurayshootaati duulaa jiraachuu isaanii akka hin dhagenneef jecha Rabbiin jara duudaawan akka taasisuuf Du'aa'ii godhan. Rabbiin Oltahes Du'aa'ii isaanii kanaaf deebii kenne. Nabiin (S.A.W) raayyaa kuma kudhan qabatanii gara Makkaa duulan. Gara Makkaas fulla'anii galan. Garuu banamiinsa Makkaatiin xinnoo dursee abbeeraa Ergamaa Rabbii (S.A.W) kan ta'an Al-Abbaas Ibn Abdul Maxxalib Islaamummaa fudhatan. Yeroo Makkaa injifannoon bananis wantoota Nabiin (S.A.W) dubbatan keessaa: "Namni gara mana Abuu Sufyaan seene inni kan nageenyummaan isaa mirkanaa'ee dha. Namni gara masjiidaatis seene inni kan nageenyi isaa mirkanaa'ee dha. Namni balbala isaa cufates kan nageenyi isaa mirkanaa'e" haasofni isaanii jedhan eeramtoota. Nabiin (S.A.W) qaamota isaan waliin wal waraanuuf wal firrisan wajjiin malee, qaamota isaaniifi Muslimootas hiraarsaniifi dhiigan jaraattis hoongotti jigsan muraasa wajjiin malee eenyuun waliinis wal waraananii hin beekanu.

Nabiyyichi (S.A.W) waytii gara Makkaa seenanitti Ka'ibaa naanna'anii jiru. Haa ta'u malee, haala Ihraamaa keessa hin turre. Ergasii Usmaan Ibn Xolhaa waamanii furtuu Ka'ibaa irraa fudhatan. Ergasii waaqayyoolii keessoo isaa jiruufi naanna'a isaa jiru caccabsan. Ergasii furtuu Usmaaniif deebisan. Makkaan injifannoon erga banamteen booda namnoonni baay'een Islaamummaa fudhatan. Inumaa iyyuu gosooni baay'een Islaamummaa fudhataa saffisaan gara Nabiyyichaa (S.A.W) dhufan.



**Waaqayyooolii  
Mancaasuu**

Rabbiin Oltaher Makkaan injifannoona Nabiyyicha (S.A.W) isatiif erga baneen booda Nabiyyichi (S.A.W) immoo hiriyyoottanisaanii waaqayyooolii naanna'aa Makkaan jiran akka mancaasaniif jecha ergan. Haaluma kanaan taabota Suwa'i jedhame akka mancaasuuf jecha Amr Ibn Al-Aasin ergan. Manaatiin akka mancaasuuf jecha Sa'id Ibn Zaydin ergan. Al-Uzzaa akka mancaasuuf jecha Khaalid Ibn Al-Waliidin ergan. Zil Kaffayn akka mancaasuuf jecha Ax-Xufaylin ergan. Taabota Xay'i akka mancaasuuf jecha Aliyyiin ergan.

**Duula Hunayni**

Miseensooni gosa Hawaazin Makkaan injifannoona banamu ishee ennaa dhagahanitti gara Nabiyyicha (S.A.W) hiriira waraanaa guddaan duuluuf walitti qabaman. Qabeenyota, dubartootaafi baay'inoota (ijoollee isaanii) hundumaa mataa isaanii wajjiin oofaa dhufan. Nabiyyichis (S.A.W) raayyaa kuma 12 qabatanii gara isaanii duulan. Muslimoonnis hanga sulula Hunayni gahanitti baay'ina lakkoofsa isaanii raajaman. Haa ta'u malee, Hawaazinonni iddoon hin tilmaamamne irratti riphanii tasa Muslimoota haleelan. Ciminna rifaatu irraa kan ka'enis Muslimoonni Nabiyyicha (S.A.W) biraa hanga dheessanitti akkuma jabina nama tokkotti garmalee itti ciman. Haa ta'u malee, gartuun Ahlul Baytifi Muhaajirota irraa ta'an muraasonni Nabiyyichuma (S.A.W) wajjiin ragga'anii dhaabatan. Sanaan booda Rabbiin Oltaher namoota amanan sanneen gadi dhaabe. Ergasii gara marsaa Nabiitti (S.A.W) deebi'an. Rabbiin Oltahes diinota isaanii irratti injifanno hanga isaaniiif kennutis isaan wajjiin lolan. Booddee irrattisw Hawaazinonni gara Xaa'if dheessan. Kanaan booda gosa Hawaazin irraa kanneen ta'an namoonni 14, isaannan Islaamummaa fudhatan, gara Nabiyyicha (S.A.W) dhufan. Booji'amtoota keessaayis maatiwwan isaanii bifa tola ooltummaatiin isaaniiif akka deebisan gaafatan. Nabiyyichis (S.A.W) kanuma raawwatan. Hiriyooottan isaanitis isaanuma duukaa kana raawwatan.

**Duula  
Xaa'if**

Nabiyyichi (S.A.W) dhimma Hawaazin erga geessaniin booda gara Xaa'if duuluuf murteeffatan. Yeroo Xaa'if gahanittis dahannoo diina isaanii qixa guyyoota 18f marfamiinsa humna waraanaa jala galfatan. Sanaan booda osoo lola homaatuu hin qunnamin deebi'an.

**Duula Tabuuk**

Waggaa Hijraa saglaffaa irratti duulli Tabuuk (Gazwatul Usraa – duula rakkisaa) adeemsifame. Duulichi kan adeemsifamee waytii akkaan ho'aa ta'e keessa ture. Akkuma kana waytii fuduraaleefi gaaddisootaa ture. Sababaa kanaanis duulaaf bahuun namoota irratti rakkisaa ta'e. Nabiyyichi (S.A.W) waytii duula godhuu barbaadanitti Sahaabota (Radiyallaahu Anhum) isaanii sadaqaat kennachuudhaan ni kakkaasuu ture. Bu'uruma kanaan Usmaan Ibn Affaan (Radiyallaahu Anhu) gaallan dhibba sadih fe'aamaafi kooraanisaanii duukaa Diinaar kuma tokko wajjiin arjooman. Yeroo kanattis Ergamaan Rabbii (S.A.W) "Usmaan wanti inni guyyaa kanaan booda hojjetu isa hin miidhu" jedhan. Hiriyooottan isaanii hafanis qixa humna isaaniiit karaa Rabbii irratti arjooman. Munaafiqonni garuu Nabiyyicha (S.A.W) wajjiin duuluu irraa akkuma jiraniin gara duubatti hafan. Hiriyooottan isaanii filatamoo keessaayis sadeen isaanii sababa gahaamalee akkuma kana gara duubaahafan. Isaanis Ka'ib Ibn Maalik, Hilaal Ibn Umayyaifi Miraaraa Ibn Ar-Rabii'i turan. Haa ta'u malee, yeroo Nabiyyichi (S.A.W) gara Madiinaa deebi'anitti sababa ittiin hafan ibsatani. Suuratu Tawbaa irraa keeyattoonni muraasonnis kan bu'an dhimmuma isaanii kan ilaachiseeti. Rabbiin Oltahes akkana jedha: "Warra sadeen booda aanfaman irraas (Rabbiin tawbaa qeeblee jira) ...." (At-Tawbaa 9:118) Rabbiin Oltahes dhugummaa Sahaabota sadeenii waan beeckuuf gaabbiisaanii irraa qeeblee Innis araaramaan isaaniiif deebi'e. Baa ta'u malee, boqonnamaa tana keessatti Munaafiqota salphise. Waa'ee isaanii irraa dubbatuunis boqonnaa tana goolabe. Waan kana ta'eefis boqonnaan tun Al-Faadihaa (Saaxiltuu) jechuudhaan moggaafamte. Sababni kuniis ittiin ta'een waan Munaafiqota saaxilteef ture.



## Duula Tabuuk

Duula Tabuuuk irratti Nabiin (S.A.W) namoota Aylaa wajjiin waliigaltee nagayaa uumanii jiru. Akkuma kana namoota Jarbaafi Azrah wajjiinis uuman. Isaaniifis waliigaltee walta'iinsaa barreessan. Akkuma kana waadaa Muslimootaa jalatti jiraachuudhaaf Al-Jizyaa (gibira) kafaluu akka qaban walif galanii namoota Ukaydar wajjiinis waliigaltee uuman. Nabiin (S.A.W) Tabuukiin keessa guyyoota 18 turan. Sanaan booda waraana homaatuu ossoo hin godhin gara Madiinaa deebi'an. Yeroo Nabiin (S.A.W) gara Madiinaa deebi'anittis Rabbiin masjiida Diraar, isa Munaafiqonni ijaaran san akka diiganiifakkana jechuun ajaje: *"Warri Mu'iminoota rakkisuuf, kufrui (babaldhisuuf), giddiu mu'imintootaa addaan baasuufi nama duraan Rabbiifi Ergamaa Isaatin loolef eegumsa godhuuf jecha masjidicha tolfsatanis (isaanuma irraayi)." (At-Tawbaa 9:107)* Bu'uruma kanaan Nabiyichi (S.A.W) masjidicha diigan. Kunis duula isaan ofuma isaaniitii irratti hirmaatan kan xumuraa ta'e.

## Gareewwan Jiila

Duula Tabuukin booda gosoонни heddu gama gareewwan jiila ojitiin Islaamummaa fudhatan. Kanaafuu waggaa Hijraa 9ffaan kun waggaajii lanii jedhamee moggaafame. Gosonni adda addatis Islaamummaa fudhachuu isaanii labsataa saffisaan gara Nabii (S.A.W) dhufuu eegalan. Isaan keessaayis jiilli Banuu Tamiiimifi hoogganaan isaanii Axaarid Ibn Haajib At-Tamiiimyyi, jiilli Xay'ifi hoogganaan isaanii Zayd Al-Khayl, jiilli Abdul Qaysifi hoogganaan isaanii Al-Jaarud Al-Abdiy, akkasumas jiila Banuu Haniifaa ennaa ta'an, isaan gidduuyis Musaylimaan kijibaan, inni booda irratti taavtaan nabivvummaa naaf mala iedhee falmuuf vaale ni arqamaa

## Hajji Abuu Bakri

Hijraan booda waggaasaglaffaa irratti Nabiin (S.A.W) namoota Hajjii godhaniiif Abuu Bakrin hoogganaa taasisanii ergan. Namootaafis sirna Hajjii gadi dhaaban. Akkuma kana namootaaf keeyyatoota Suuraa At-Tawbaa isaannan jalqabaa akka dubbisuufi walii warra Shirkiitis akka achi darbuuf jecha Aliyyi Ibn Abii Xaalibin ergan. Akkuma kana Mushirikni kamuu waggaas kanaan booda Hajjii akka hin goonee dhorkamuu isatiifiakkuma zabana Jaahiliyyaa godhaaturan hundumaa marsaa Ka'ibaa qullaa ta'anii xawaawa godhuun dhorkamuu isaa ilaalchisee namoota gidduutti akka labsaniiif jecha Aliyyiin ergan.

## Hajji Dhaamanna

Hijraan booda waggaakudhanaffaa irratti Ergamaan Rabbii (S.A.W) Hajjii isaanii kan dhaamanna (Hajjatul Wadaa'i) godhan. Muslimoonni gosootaafi magaalota adda addaa irraa walitti dhufanis, lakkooftsi isaanii kuma dhibba tokko kan caalu yoo ta'u, Nabiyicha (S.A.W) wajjiin Hajjiif bahan. Nabiyichis (S.A.W) sirna akkaataa Hajjii itti godhaniitis isaan barsiisan. Keeyyata Qur'aanaa kan itti aanu kana dubbisuunis Arafaa irratti khuxbaa godhan. "... Amanti keessan har'a isiniif guuteera; nii'imaawwan kiyyas isin irratti guuteera. Amantiis Islaama isiniif jaaladheera. ..." (Al-Maa'idaa 5:3)

Akkuma kana Nabiin (S.A.W) dhaggeeffattoota isaaniiitiin amma diiniin guuttamuu isaan beeksisan. Isaanis waan Kitaaba Rabbiitiifi Sunnaa Nabiyichaatiin dhufe cimsanii akka qabataniif gorsan. Isaan gidduuttiis dhiiga, mallaqaafi kabaja isaaniiitis haraama taasisan. Kunis gorsa Nabiyichaa (S.A.W) kan dhaamanna keessaayi.

## Ergamuu Usaamaa

Baati Safar keessa Hijraan booda waggaakudha tokkoffaa irratti Nabiyichi (S.A.W) Ruumota wajjiin wal falmachuuf raayya waraanaa qopheessan. Usaamaa Ibn Zaydinis hoogganaa godhanii muudan. Raayyaan waraanaatis imalaaf bahe. Al-Jurf birattis mooraa isaanii ijaaratan. Sanaan boodaoduun dhukkubsachuu Nabiyichaa (S.A.W) isaan dhaqqabe.



Goolabbii Duulota Nabii (s.a.w)

## Goolabbii Duulota, Jiillanifi Loloota Nabii (s.a.w) Ilaallatu

Duulonni Nabiyichi (S.A.W) adeemsisan, hojiiwwan jiillan erguutiifi waraanni hundinuu kan adeemsifaman Hijraan booda yeroo woggootii kudhaanii keesssatti ture. Baay'ina waraana adeemsiisaniitiifi jiillan erganii ilaachisee isaan tilmaamaan gara jahaatamaa kanneen ta'anii dha. Baay'inni duulota adeemsisanii immoo digdamii torba. Duulota kanneen keessaan Nabiyichi (S.A.W) matumti isaanii saglan irratti hirmaatanii jiru. Isaan kуннеен: duula Badri. Uhud, Al-Khandaq, Al-Qurayza, Al-Musxaliq, Khaybar, Al-Fath (banamiinsa Makkaa), Hunaynifi Xaa'if ennaa ta'an, duulota kanneen keessaayis keeyyattooni Qur'aanaa gartokkee isaanii ilaallatan bu'anii jiru.

### Duulota Qur'aanaan Eeraman

**Duula Badri:** Suuratul Anfaal kan buute sababa kanaan ture. Boqonnaan tunis Suuratul Badri jedhamuudhaan mooggaafamte.

**Duula Uhud:** Kutaa Suuratul Aalu Imraan kan xumuraa, jecha Rabbii Oultahee akkana jedhu irraa kaasee “*Yeroo ati mu'imintoota iddoowan lolaa kan qubsiftu taatee maatii kee irraa ganamaan baatu (yaadadhu). Rabiiniis dhagayaa, beekaa dha.*” – (3:121) – hanga naannawa dhihaatinsa xumuraatti kan buute duuluma kana ilaachisteetiin ture.

**Duulota Khandaq, Qurayzaafi Khaybar:** kutaan walakeessaa Suuratul Ahzaab kan buufame duulotuma kanneen ilaachiseeti.

**Duula Banuu An-Nadiir:** Suuratul Hashri kan buute duuluma kana ilaachifteetiin ture.

**Duulota Al-Hudaybiyya, Khaybarifi Al-Fath** (Banamiinsa Makkaa): Suuratul Fathifi An-Nasri duulotuma kanneen ilaachisuun kanneen bu'an turan.

**Duula Tabuuk:** Keeyyattooni Suuratul Tawbaa irraa ta'an muraasonni kan bu'an duuluma kana ilaachisuun ture.

Nabiin (S.A.W) kan madaayan duula tokkicha irratti qofa ennaa ta'u, innis duula Uhud ture. Duulota Badri, Uhudifi Hunayni irratti malaa'ikonnii isaan wajjiin ta'un lolanii jiru. Gaafa duula Al-Khandaqis (bo'oo/boolaa) malaa'ikoonni bu'anii jiru. Mushrikonnis raafamanii jiru. Haala akkaan hin muldhanne ta'eenis lolamanii moo'atamanii jiru. Nabiyichis (S.A.W) Mushrikota irratti cirracha darbatanii jiru. Kanaafuu jarris ni dheessan. Injifanno ol aanaan kan argame duulota lamaan irratti ennaa ta'u, isaanis Badrifi Hunayni turan. Meeshaa firrisiisa meeshaa waraanaa 'Al-Minjanq' kan jedhame fayyadamuudhaan kan lolan duula tokko irratti yoo ta'u, innis duula Xaa'if ture. Gama bo'oo qotameetiin dahannoo kan qabatan duula tokko irratti qofa yoo ta'u, innis duula Ahzaab ture. Namni isuma kana isaaniitti akeekes Salmaan Al-Faarisi (R.A) ture.

## Dhibamuufi Du'uu Isaanii

### Dhukkubsatuufi Du'uu Isaanii

Rabbiin Nabiif (S.A.W) duniyaa irra turuu ykn immoo Isa waliin wal ga'uufi Jannata keessaa tokko akka filataniif jecha filannoo isaaniif kenne. Kanaafuu Nabiin (S.A.W) Gooftaa isaanii waliin wal gahuufi Jannata filatan. Ergasii haala cimaa ta'een dhibaman. Mana Aa'ishaa keessa ciisanii waldhaanamuuf jechas haawwootii manaa isaanii irraa heyyamaa gaafatan. Isaanis isuma kana heyyamaniif. Yeroo masjida seenanii namoota sagachiisuun isaaniif gamteettis Abuu Bakri namoota akka sagachiisan ajajan. Kunis isaaniin booda Abuu Bakri bakka bu'aa isaanii ta'uuf akka jiru mirkantii kan kenne taatee tokko ture. Gaafa Danfoo, guyyaa 12ffaa irratti, baatii Rabii'ul Awwal keessa, Hijraan booda waggaa kudha tokkoffaa irratti bakka namoonni Salaata Subhii sagadaa jiranitti Nabiyyichi (S.A.W) gara isaanii bahan. Hanga jarri isaan arganittis girdoon ni deebifame; balballis ni baname. Kanaafuu Salaata isaanii guuttatanii akka salaataniiif mallattoon itti himan. Isaaniifis seqqatan. Sanaan booda dhawaata ganamni barfatuun Nabiyyichi (S.A.W) lubbuun isaanii baate. Lubbuun darbiinsi isaaniitis balaawwan amanoota irra gahe hundumaa keessaa isa akkaan ulfaataa itti ta'e. Du'aatii Ergamaa Rabbii (S.A.W) irraa kan ka'eenis Muslimoonni gadda akkaan cimaa gaddan. Ergasii namoonni Abuu Bakrin biratti walitti qabamuudhaan bakka bu'ummaa (khaliifummaa) isaaniitiin waadaa amanamummaa seenaniif. Bakka bu'ummaa isaanii irrattis namoonni hin mormine; maaliif jennaan Nabiyyichatti (S.A.W) aansee namni Islaamummaan isaan durseefi hordoftoota hafan irrattis caalmaa qabu yoo jiraate Abuu Bakrin akka ta'e namoonni sirritti beekuu ture waan ta'eef.

Ergasii Nabiyyichi (S.A.W) qaamni isaanii kabajamaan dhaqamee wuccuu a'adii sadih fayyadamuudhaan kafaname. Sanaan booda achuma bakka itti du'an irratti mana haadha Mu'iminoottaa tan taate Aa'ishaa keessatti awwaalaman. Ilmaan namaatiifi jaannota keessaa warri isaanitti amane hundinuu nageenyaafi salaata Rabbii isaanii isaan irratti buusu. Nutis isaan imaanaa isaanii akka geessan, hordoftoota isaaniitis akka gorsaniifi daandii Rabbii irrattis qabsoo sirrii akka taasisan ragaa baana. Kanaafuu, nabiyyiin tokko sababa hordoftoota isaatiin kan mindeeffamuun olitti Rabbii Oultahe sababa hordoftoota isaaniitiin Nabiyyicha (S.A.W) baay'isee akka mindeessuuf Isa kadhanna. Galanni hundinuu Allaaha gooftaa aalama hundumaa ta'eef haa galu.

### Goolabbii

Hassaan Ibn Saabit (Radiyallaahu Anhu), walaleessaa Nabiyyichaa (S.A.W) kan ta'an akkana jedhanii jiru:

Yaa Gooftaa! Nu nabiyyicha keenya wajjiin walitti nu qabi  
Jannata ija waanyotaatiin faarfamtee keessa bakka taanetti  
Jannatul Firdawsa keessa, ishees nuuf barreessi  
Abbaan suurraa, ol aantummaafi guddinaa suma waan taateef  
Rabbiifi marsaa arshii kanneen jiran isaan irratti salawaata buusu  
Namoonni gaggaariinis Ahmadi eebbifamaaf nageenya dhiheessu

Qorumsa 3ffaa

**Soba Dhugaa****Gaaffilee:**

- £ Re'ota tiksuum isaanii obsa akka qabaataniifi dhadhabootaafis marartaa akka muldhisiiniif sababa ta'eera.
- £ Umuriin isaanii waggaa 40 yeroo guutetti ifnanni nabiyyummaa isaan irraa calanqisaa ture. Mul'ata Rabbiin irraa ta'enis kabajaman Miidhaan gama Qurayshotaatiin Ergamaa Rabbii (S.A.W) irra gahaa ture ture ittuma hammaate. Isaaniifi maatii isaaniittis sulula Abuu Xaalib keessatti waggoota sadiif itti uggaran. Nabiinis (S.A.W) umurii isaanii 49tti uggarama san cabqanii bahan.

1. Nabiin (s.a.w) Makkaatti kan dhalatan: A/ Waggaar Arbaatti B/ Hijraan dura waggaa 53 tti C/ Hunduu sirrii dha
2. Yeroo mul'anni bu'uu eegaletti: A/ Kophaa bahuun isaan biratti jaalatamaa godhamee ture B/ Kan dhufe bifa abjuu gaariitiin ture C/ Hunduu ture
3. Mul'anni sadarkaalee meeqa qaba? A/ 5 B/ 7 C/ 3
4. Gulantaaleen Da'iwaa isaanii: A/ Lama turan B/ Sadih turan C/ Shan turan
5. Nabiin (S.A.W) hafuuraafi qaama isaaniitiin halkan keessa gara Masjiida Al-Aqsa fudhataman. Sanaan boosa samiiwwaniin olitti ..... Dhaan gara Rabbii Oltahetti fudhataman. Rabbiinis isaan dubbise. Salaattoota waytii shaniitis isaan irratti dirqama godhee tume. A/ foon isaaniitiin B/ hafuura isaaniitiin C/ fooniifi hafuura isaaniitiin
6. Islaamummaa keessatti masjidni duraa: A/ Al-Haraam B/ Masjiida Nabii (S.A.W) C/ Al-Aqsa D/ Qubaa'i
7. Kallattiin Qiblaa kan jijiirame: A/ Hijraan dura Makkaa keessatti B/ Hijraan booda waggaa 2ffaa irratti C/ Hijraan booda waggaa 3ffaa irratti
8. Lolli Badri kan baatii Ramadaanaa keessa adeemsifame waggaa meeqaffaa irratti ture? A/ Hijraan booda waggaa 2ffaa B/ Hijraan booda waggaa 3ffaa

Abuu Bakr As-Siddiq	Zayd ibn Haaris-aa	Bilaal ibn Rabaah	'Alii ibn Abii Xaalib	Namoota Jalqaba Irratti Amanan:
£	£	£	<input type="checkbox"/>	Dhiirran keessaa
£	£	£	<input type="checkbox"/>	Ijoollee keessaa
£	£	£	<input type="checkbox"/>	Tajaajiltota keessaa
£	£	£	<input type="checkbox"/>	Gabroota keessaa



Wag. 7	‘Abdullaah ibn ‘Abdul- Muxxalib	Gara wagg. 8	‘Abdul- Muxxali	Abu Xaalib	<b>Guddistota Ykn Kunuunsitota Isaanii:</b>
£	£	£	£	£	Haati isaanii erga duuteen booda ..... isaan guddisan.
£	£	£	£	£	Ergasii umurii isaanii ..... akaakuun du'an.
£	£	£	£	£	Ergasii umurii isaanii 7tti abbeeraan isaanii ..... du'an.
£	£	£	£	£	Haati isaanii yoo du'an umuriin isaan ..... ture.
£	£	£	£	£	

Lola 1	9n Isaanii	27	60	Wag. 10	<b>Duulotaafi Jiillan Isaanii</b>
£	£	£	£	£	Duullaniifi jiillan isaanii hunduu kan godhaman Hijraan booda woggoota ..... keessatti ture.
£	£	£	£	£	Baay'inni humna waraanaafi gareen jiila isaanii ..... Walumaa galatti duullan ..... godhamaniiru.
£	£	£	£	£	Lakk. duula isaan irratti argaman .... Duulli irratti madaayan .... ture
£	£	£	£	£	



## Daandiiwan Gara Jiruu Gammachuu Geessan

Barreessaan isaa: Abdur Rahmaan Ibn Naasir As-Si'iddii (1307 – 1376 A.L.Hijraatti) yoo ta'u, isaanis hayyoolii Muslimaa zabana isaaniitti akkaan gurguddaa ta'an keessaa tokko turan. Beekumsa isaaniitiin isimaamota yaada bu'ura beekumsa Islaamummaa qabatan keessaa eeramoo dha.

Sababni barruu tana ittiin qopheessanis yoo jiraate shakhni kun bakka kaayyoo waldhaansa Islaamummaatiif (bara 1373tti A.L.Hijraa) yeroo gara Libaanos imalanitti kitaaba "Dhiphinna Akkamitti Akka Dhaabnuufi Jireenya Sirrii Jiraachuu Akkamitti Akka Eegallu?" jedhuufi kan Deel Kaarnigeen qophaa'e dubbisaniif qabiyyee isaatiinis hawwataman. Kanaafuu, kitaabuma ergaa wal fakkaatu ammate qopheessuuf gahan. Qabxiileen 22n armaan gaditti dhihaatanis gara jireenya gammachuu ni geessu jedhamanii kanneen isaaniin tarreeffamanii dha:

- 1/ Rabbii Oltahetti amanuufi hojiiwwan gaggeraarii hojjechuu: amantiin waan Rabbiin Oltahet ajaje raawwachuu irratti obsa, gammachuufi bohartii akka qabaattuuf garas si geessa.
- 2/ Haasawaanis ta'ee gochaan uumamtoota hundaafuu tola oolaa ta'u; sababni isaatis gaarummaan gaarummaa ennaa argamsiisu, hammeenyas ofirraa gatantarsa.
- 3/ Mataa ofii hojiiwwan gaggeraariiif beekumsa faayida qabeessa irratti qabamsiisuu: kunis waa'ee wantoota alta'oo onnee kee dhiphisiisanii yaaduu irraa fuulleffannaa kee joorsisa.
- 4/ Yaadoma kee gama hojiiwwan kee isaannan guyyuutiin qabamsiisuu: kanaafuu waan darbeen hin gadditu; waan hegereetiifis hin dhiphattu; sababni isaatis Nabiyyichi (S.A.W) gaddaafi dhiphina irraa Rabbitti maganfatuu ture.
- 5/ Rabbii yaadachuu irratti dabaltii godhuu; sababni isaatis Rabbiin hedдумmeessanii yaadachuuuf onneedhaaf bohartiifiif tasgabbii argamsiisaaf.
- 6/ Qananiwwan/Kennaalee Rabbii isaannan muldhataliifi hin muldhanne tarreessuu: sababni isaatis kun gocha galatoonfannaa argamsiisuufi roorroos dhabamsiisuu dha.
- 7/ Nama si gadi jiru ilaaluun kee waan qabduun Rabbiin akka galatoonfattu ennaa si taasisu, waan hin qabneen immoo akka hin gaddine si taasisa.
- 8/ Waan darbe dagachuu; sababni isaatis waan darbe deebiftee argachuu hin dandeessu. Kanaafuu mataa kee isa irratti biizii godhuu kee hiikka maleessaafi hoongoo dha.
- 9/ Gara Rabbii Du'aa'iif godhuu: fakkeenyaaif Rabbiin Oltahet amantii kee, dhimmoota kee kan duniyaatiifi dhimmoota kee kan aakhira siif akka sirreessuuf (bareechuuf) kadhachuu – kunis bu'uruma Hadiisa keessatti eerameen kan raawwamatuu dha.
- 10/ Yeroo balaan gahetti miidhaa akkaan ulfaataa ta'es tilmaamu; sababni isaatis miidhaa gaheen olitti wanti hamaan irra hammaate uumamuu akka danda'u yaaduun dhiibbaa al-ta'aa sababaa miidhaa gadi anaatiin dhufu hir'isa.
- 11/ Miira hoongawaafi nuuraan dhiddhibamanii humnaa olitti yaaduu dhabuu; sababni isaatis miirri hoongawaan yaadamota badaa oomisha; atis yaada al-ta'an akka guuttamtu taasisa; kunis ka'umsa dhiphinaafi dhukkubaa ta'a.
- 12/ Rabbitti abdatuufi Isa irrattis irkatuu; "Nama Rabbiin irrattis irkatuuif Rabbiin isaaf gaha dha." (65:3)



- 13/ Cinaalee dadhabaa namoota biraa fudhachuufi miidhaa jarri sirraan gahan irrattis obsa qabaachuu: namni tokkoon tokkoon isaatu cinaa dadhabaa (hanqina) ni qabaata; yookiin immoo namoonni waan nuti hin jaalanne narratti dalaguu ni danda'u. Kanaafuu cinaa isaa al'ta'aawaa mannaa cinaa isaanii ta'aawaa ilaaluun gaarii dha.
- 14/ Mataa kee wantoota bu'a maleeyyii ta'aniin biizii hin godhin; akkuma ati balaa wajjiin jiraachuu hin dandeenye hundumaa mataa kee wantoota hoongawoon dhiphisiisuu hin qabaattu. Filannoon mataa kee wantoota yartuuwwan irraa fageessuutis harkuma kee keessa jira.
- 15/ Jiruun gabaabduu dha. Kanaafuu jiruun dhugaa, hammuma fedhee iyyuu gabaabduu taatus, jiruu gammachuufi bohartiiti. Kanaafuu jiruu tee dhiphinaafi gaddaan irra caalaan hin gabaabsin.
- 16/ Sodaawan kee irra jireessaaf ragaa qabatamaa homaatuu hin qabdu. Dhugumatti, wantoonni ati irratti dhiphattu irra jireeyyiin reefuu hin galeeyyu. Kanaafuu reefuu haallen hin galle haallen galuu danda'an akka daalacheessaniif hin heyyamni.
- 17/ Waan namoonni odeessan irratti hin dhiphatin; sababni isaatis hamni namootaa miidhaan isaa isaanuma irratti waan ta'eef. Kan ta'e ta'ee, ati isaan irratti mataa kee biizii yoo goote, sanaan booda akkuma jarri hama irratti hirmaatuun mataa ofii miidhaa jiran sanitti atis of miidhuuf jirta.
- 18/ Jiruun tee yaadamoota kee hordofti. Kanaafuu yaadamooni kee amantii keetiifi yookiin dhimmoota duniyaawaa keetiif faayida qabeeyyii yoo ta'an, sanaan booda ati jiruu gammachuu qabdu argachuuf jirta. Kan boohartes taata. Yoo kun hin taane immoo faallaa kanaattu sirra gaha.
- 19/ Namoota si irratti haqa qabaniif yookiin immoo namoota si irratti haqa hin qabneef waan gaarii ennaa hujjettu isaan irraa galata hin eeggatin. Yeroo kanatti kun daldala siifi Rabbiin gidduutti dalagamu siif ta'a. Kanaafuu galanni namootaa sirraa hafuun isaa si dhiphisuun hin qabaatu.
- 20/ Mataa kee waan si fayyadu irratti biizii godhi; sababni isaatis wantoonni miidhaa geessan gaddaafi gaabbiif hordofsiisu. Kanaafuu gama gochoota faayidaa qabeeyyiitiin gargaarsa barbaadi.
- 21/ Dhimmoota kee waytii isaanii keessatti xumuruuf carraaqi; sababni isaatis dhimmooni harkifatan dhimmoota kee kanneen dhufuuf jiran wajjiin ta'anii sirratti walitti qabamu. Atis kan isaaniin dursitee liqifamte taata.
- 22/ Dhimmoota kee wal duraa duubaan lafa kaayi; sanaan booda isa akkaan faayida qabeessa ta'e irraa eegali. Sanaan booda isa itti aanee faayida qabeessa ta'e itti aansi. Gama ogummaatiinis isa ati caalaatti gama isaa gorte san filadhu. Kanaan ati roorroo yookiin nuffifama keessatti hin kuftu. Akkuma kana gorsa gaafadhu; sababni isaatis dursitee gorsa yoo gaafatte booda irratti ni gaabbitu waan ta'eef.





## Baafata

■ Seensa	.....	3
■ Simboowwan Nabii (S.A.W)	.....	5
■ Qorumsa Tokkoffaa	.....	13
■ Qajeeltoo Nabii (S.A.W)	.....	15
■ Qorumsa Lammaffaa	.....	20
■ Asxaa Simboowwan Nabii (S.A.W)	.....	23
■ Maatiwwan Nabii (S.A.W)	.....	26
■ Nabiyyummaan Duratti	.....	31
■ Jalqabbii Mul'ataa	.....	33
■ Boqonnaa Makkaa	.....	36
■ Boqonnaa Madiinaa	.....	39
■ Goolabbi Duulaan Nabii (S.A.W)	.....	46
■ Dhukkubsatuufi Du'uu Nabii (S.A.W)	.....	47
■ Third exam	.....	48
■ Daandiilee Gara Jiruu Gammachu Geessan	.....	51
■ Baafata	.....	53

